

DHUNGOO

DHUNGOO



**Walqixxee Indaalee
Guuttataatiin**



Walqixxee Indaalee Guuttataa

Walqixheen, barnoota isaa ogummaa Gazexxessuummaan Yunversiitii Gondar irraa kan bahe yoo ta'u hojiilleen isaa armaan duraa:

- 'Calaaqqee Seenaa Kutaa Iffaa' PDFn tola dubbistootaaf gumaacheera
- 'Calaaqqee Seenaa kutaa 2ffaa' Maaxx-ansaan qaqqabsiisee rakkoo dhuunfaa isa mudateef jecha hanga ammaatti dubbistoota bira osoo hin qaqqabiin jira.
- Dhungoon kitaaba isaa Asoosamaa isa sadaffaa yoo ta'u, dubbistoota bira qaqqabuun ammoo kitaabasaa isa lammaffaadha
- Kiitaabolee Asoosama, seenaafi kuusaalee walaloo hedduus, harka irraa akka qabu gamanumaan dhaammata.

DHUNGOO

Dhungoon kitaaba Asoosama seenaa dhuugaa irratti xeeffateefi ta'ii, jireenya jaalalaa ilma namaa tokko keessatti karaa nam tolcheefi uumamaan hin mudata jedhamee xiinxalame yoo ta'u, kiitaabni kuun mudannoo jaalalleewwan lamaanii kan gaa'ila isaanii duraa qofa kan hammadha. 'Dhungoon' kutaan lammaffaan ammo mudannoo jaalallee kana lamaanii kan gaa'ila isaanii boodaa qabachuun yeeroo muraasa booda hanga isin bira qaqqabuutti duubbiistoonni qaaliwankoo obsaan na eegaan dhaamsakooti.

★★★★★
Eebila 2013



DHUNGOO

DHUNGOO

WALQIXXEE INDAALEE GUUTTATAA

AMBOO, OROMIYAA



DHUNGOO



DHUNGOO

HUBACHIISA: Mirgi Barreessaa seeraan kan eegamedha. Barruu kana eyyama barreessichaafi madda osoo hin eeriin maxxansuuf yookaan irra deebiin barreessuuf yaaluun dhorkaadha.

Teeson Barreessichaa:

©Walqixxee Indaalee Guuttataa, 2021 G.C

E-mail: wolkiteendale9@gmail.com

Bilbila: +251919296547/+251935882640

Feesbuukii: Wolkite Endale

GULAALTOOTA

Dachaasaa Labataa Galaa (Gazexxeessaa, MA)

Naafseenaa Bantii Qixxeessaa (Barsiisaa Afaanii, MA) Obsii Filee
(Barreessaafi Gaazexeessaa)

Yaada Gulaaltotaa

Inni tokko ifaajee dafqee, jooree jaawwaree ijaara. Kan hafe ammo faallaa kanaati. Dheebuun ilma namaa waan meeqa, kaan qarshii dheebota, kaan ammo jireenya gammachuufi qannoo, kaan waan biiraa; kaan ammoo waan akka konkolaataafi mana bareedaafaa dheebota.

Walqixxeen, garuu daa'ima kurkuraa ta'ee osoo jiruu dheebuun ogbarruu Afaan Oromoo gubee isa waade, dhiphisee boqonnaa isa dhorkate, dheebuusaa bahachuuf , ‘Calaqee Seenaa Kutaa 1ffaa ’ kitaaba isaa calqabaa kuusaa walaloo saba isaaf dadhabbiifi iffaajjii guddaa booda kafaltii tokko malee gummaache; kuns isa quubsuu didnaan kunoo, Asoosama jechoonni tokkoon tokko ishee dammarra dhamdhaman, jireenya ilmaan namaa hedduuf muuxannoofi barsiisaa taate ‘DHUNGOO’ qabatee jabaa isiniin jedheera, isins dubbisuufin kichuu ogbarruu Afaan Oromoofi dargaggeessa kana jajjabeessaa. (Dachaasaa Labataa Galaa, Gaazexeessaa, MA)

‘DHUNGOON’ dhugaatti kitaaba midhooftuu akka maqaasheeti; jireenya, ilma namaa hundaa akka waan bifa dhungachuu tokkoon midha'ina, jaalalaa itti dabaltee barsiisitti. Kan miidhaa jaalalaa qaban hundaas jajjabeessaa kan osoo wal dharadhaniis wal irraa fagaataniif

ammoo abdii itti horti, kalqni kun maraa kan dargaggeessa keenya Walqixxeeti, kitaaba kana guutummaan dubbisuun kichuu keenya gara dirree ogbarruu Afaan Oromootti dhufe kana haa madafkannu. (Obsii Filee, Barreessaafi Gaazexeessaa)

Kaan darbatee waraanees aajjeesa, kaan ammoo dubbii arraba isaa keessaa bahutu eeboo ta'ee nama waraana, al tokko tokkollee summiis ta'ee yeroo nama miidhutu jira, jichoonni 'Dhungoo' keessatti qindeefamanii sonamanii, soroorataniis barreefamani kun ammoo jaallallee hedduuf barnoota kennu kaaniif ammoo wal ammantee ta'u. 'Dhungoon' kitaaba dhugaatti dhala namaa hundaa umurii kam keessa jiruufuu muuxannoo jireenyaafi jaalalaa bareedaa kenitudha. (Naafseenaa Bantii Qixxeessaa, Barsiisaa Afaanii, MA)

Galata

Galannikoo inni hangafaa Waaqayyoof haa ta'u. Isa naageenya waarawaa, fayyuummaa guutuu, boqonnaa dansaa naaf kennee akkan kitaaba kana barreessuuf na gargaare isan galateeffadha.

Harmeeekoo Aadde Xurruu Dhaabaa oolmaa ati na barsiisuuf naaf oolte yoomiyyuu hin dagadhu, osoon harmee akkakee irraa hin dhalanne ta'ee milkoominikoo kun maraa maseenaa hafa ture guddaa galatoomi. Yomiyyuu naaf jiraadhu anis siif jira.

Shoorri Obbolootakoo Zinnaash, Hıncaalaafi Guddoo Indaalee Guuttataa akkanuma Dr. Abbebee Dachaasaa Yaadataa, dabalatee gulaaltonnikoo Dachaasaa Labataa Galaa, Naafseenaa Bantii Qixxeessaafi Obsii Filee kitaaba kana keessatti bahatan dagataamuu hin qabu; galanniikoo inni daangaa hin qabne isaaniif haa ta'u.

Wasiillankoo: Qannoo, Xaasoofi Hayiiluu Guuttataa бага naf jiraattan ammas naf jiraadhaa.

Hiriyyoottankoo yoomiyyuu dagachuu hin daandeenye, Addisuu Fiqaaduu Abdiisaa, Gammee Tasfayee, H/Garbel Guddataa, Ifargan Guddataa, Abdisaa Eejjetaa, Fira'ol Xaasoo, Caalchisaa Gammadaa,

Bilisummaa Fiqaaduu, Ibiraahim Qaasim Ganamoo, fi kaneen maqa keessan hin caqasne hunduu naaf galatoomaa.

Warri na arguuf ijji isin dhukkubu warri milka'inakoo mar'immaan isinwaadee isin ciincessu, inaaftonnikoofi inaaftonni ogbarruu Afaan Oromoollee naaf galatoomaa iccitiin milka'inakoofi guddinaafi dagaagina Afaan Oromoo inni hangafayyuu dhiiga ilmaan isaa wareegamtoota qaalii dhangala'etti aanee isini ! Ammas osooma mataan isin dhukkubuu anis daddabaleen nan milkaa'a, dagaaginni Afaan Oromoos dangaa hin qabaatu isin ammoo jiraadhaa naaf argaa ! Obboleessakoo Guddisoo ati anaaf Kitaaba madda beekumsaati ani sirraa dubbisee hin quufu ati ammo umurii harrageessaa naaf jiraadhu. Ammallee siifi maatiikee maraa daddabaleen galateefadha, galatoomaa.

Dubbiistoota kitaabakoo kan duraafi kan ammaa barattoota Oromoo Yunversiitii Gondaratti bara 2012/ 2013 Eebbifaama turtaniifi waliin ta'uun walii walii keenyarraa du'a faccisaa turre akkanuma Dr. Taaddasee Qana'aa Amanteefi Yunversiitii Amboo dabalatee buulchiinsafi jiraatoota magaalaa Amboo maraa guddaan galateefadha.

Yaadannoo

Yommiiyyuu isin hin dagannu; yadaannoo yoomiyyuu hin moofofne, baraan hin dulloomne sammuu keenya keessaa qabdu. Unuuf jettanii osoo gaaraafi tabba baatanii, osoo guyyaa tokko hin booqotiin daangaa biyya keessanii irratti aarsaa kafaltan isin hin irraanfannu; isin yaadanna; wareegamtoota haqaa maraaf. Haaceeko hojiin ani dalagu kamiyyuu yaadaannookeefi ! **“Seenaa ririmi hin nyaatu,”** jette. Eeyyeen seenaa ririmi hin nyaatu!

Seensa

Guyyaa waareedha sagaleen natti dhaga'amu bay'ee bareeda. Sagalee sana dhageeffachaa bifa shamarree sanaan daawwadhe, diimtuu dheertuu leemmannee tokkodha. Waawuu! jechaan ofittin haasa'e. Akkaataa kamiin akka kutaa ciisaakoo seente garuu bitaa natti galeera!

Akkamitti seente jedhee gafachuu baadhus ittuma siiqeen ciise, isheens narraa hin dheessine maddiikoo na dhungatte. Guyyaatti itti ani yeroo calqabaaf shamarreen dhungatame guyyaama kana ta'uu hin hafu miira natti dhaga'ame hundaa himachuuf natti ulfaata. Natti tolus, na sodaachiseera. Roobni ni rooba qorris ni jira ollaan maraa balbala cufatanniiru anis manakoo cufadheen jira eessaan seentere? gaaffiin kun annaafuu gaaffiidha.

Abjuu jechuuf abjuu miti guyyaadha; guyyaa keessaa wallakkeessa sa'aa sagal hin ta'a. Mucayyoon bareeddinni ishee hooda! Reefnsi mataa ishee luuccaan sun siree ani irra ciisee jiru guutee jira. Mudhiin ishee ammoo qaba tokko hin guutu. Fuulli burtukaana qunca'e fakkaata, addeenyi ilkaanshee cabbii guyyaa sana rooba makatee samii keessaa gad darbame caalaa addaata quubni ishe harkaa *halangaa*, kan miillaa ammoo miilla gogorrii waliin tokko.

Callistee cinakoo ciistee maddiifi hareedakoo na susukkuumti. Keessikoo na sodaate, maali yaa Waaqayyoo jaalalli daangaa darbaan akkanaa , anoo durillee shamarran irraa carraa guddaa hin qabu kan mootii dubartoota Addunyaa kanaa gita Monalizaa taate kana maaliif na filatte? jedheen of gaafadhe; garuu, maal godha yeroon utaa'ee ka'u halkan keessaa sa'aa toorbadha; Addeessi akka Ibsaa Masqalaatti iftee dachee guyyaa keessaa sa'aa ja'a fakkeesiteetti; roobnis hin jiru. Waanttin ani arge kun hunduu abjuudha. Eeyyeen Abjuudhuma !

Of gaafachuu irra darbee harkakoo bitaafi mirgaatu wal ammanuu dadhabe. Nan hurgufame, ilkaankoo akka gitaaraa walitti rukutame qaamnikoo maraa akka allaadduu na rom'e. Maaliif akka hin jenne jireenya addunyaa kanaa keessatti, ofi amanuurra nama amanuutu waan salphatu fakkaata, tarii maliif? akkamiti ? jechaa yaada gaaffii keessa seentaa laata? Hayyoonni xiin-sammuu akka jedhanitti, **“Diinnike inni hammaataan yaadakeeti dursii yaadakee moo'adhu”** jedhu! eeyyeen sirrii ta'uus mala. Guuttummaa kitaaba '**DHUNGOO**' yoo dubbiste gaaffikee maraaf deebii quubsaa ni argatta, dubbisa gaarii!

Muccittiin ilkaan cabbii reefu samii keessaa gadi darbame fakkaata, rifeensi mataa ishee daabee leencaa walin tokko, nyaarri ijasheetii bissii garbuurra heddummata. Diimtuu jechuuf diimtuu hangana diimattu dagadhee mil'adhee hin beeku. Dheertuu akka birbirsaa leemmanee tokko. Qomeen isheen godhatte jilba hin darbu sarbaa ishee hagadaa fakkaattu mul'isa. Mudhiin ishee qabaa hin guutu taaksii ani ittiin imalaa jiru seente. Hunduu waan taa'u haa fakkaatu malee dhabbattee ishee simate. Taa'umsi ishee sararamee na doo'adhu jedha, nyaarri ijaashe ammoo waan harkaan bocame fakkaata.

Konkolaachisaan of cina kawwachu yaadee ture bakki garuu qabamaadha. Ol seentee, teessoo nama lama qabatu ani irra taa'ee ture cinakoo teesse. Urgooftuun isheen qaamatti naqatteettu Konkolaataa ittiin imalaa jirru sana keessaafi duubashee urgeesse; qaamakoo hundaatu hurgufame. “Dubbisu, lakki dhiisi! kun siif hin maltu,” nan jedha miirrikoo. Takkaammoo, “Maal abbashee ati dhiira mitii,” jetti onneenkos, osooman akkanaa kessakootti haasa'uu daandii qixxee taasifne. Ofcinatti yoon ija hatee ilaalu isheenis na ilaalaa jirti, ijji lamaan keenyaa wal irra bu'e. Lapheenkoo akkan waan tabbatti fiigeetti

DHUNGOO

na dhahate akka gagaa baqe! Yaa guyyaa har'aa maal natti qabattee dhufte jedheen boquu gadi qabadhe.

-2-

Boquukoo yoon olqabadhu cinakoo hin jirtu. Gaabbiinan mataakoo ofirraa cire; afuuratu na hanqate muddamnikoo kan duraa caale! maal abjudhaa? jedheen of gaafadhe garuu wantichi miti. Imaltonni taaksii sana keessa turan hunduu kan fuuldura taa'es kan duubas garumakoo ilaalu. "Feestala siif keennu?" nan jedhe, gargaaraan konkolatichaa muddamakoo hubatee ta'uu hin hafu. Anis ol jedhee isa ilaaleen, ati maal balleesite aadaa saba Xoophiyaa maraati, guyyaa mataan si dhukkube marfee tafatti si cabsanii, yoo garaan si ciniinemmo bunni siif haa danfu jechuun jedheen callise.

Imaaltonni hunduu afaan qabatan; kan natti cininaterree hin dhibu. Eenyu inni jettaa laata tarii? mooji abbasaa isa hojiin isaa akkasiiti. Muddamakoo kanaan bakkan deemuyyuu dagadhee metira dhibbaa ol darbee yoon of baru qaata Amboo keessaa baanee Magaalaa Meexxiitti dhihaneerra. Naasuun na buusi ! na buusin! jedhe; konkolachisaan sun garuu, caalliseema konkolachisa. Dubartiin tokko afaan abaramaa sanaan, "Waraj ale," jete namni bu'u jira akkawaan jechuu sanaati osoo isheen dubbattee afaan ishee keessaa hin xumuriin konkolataa qax jennaan dhaabbate!

Anis takka konkolachisaa kana taajjabee bu'e. Faanakoo gara dudduubaan qajeelche, naan fiige, dafqa ofirran kutaa Yunversitii Amboo Kaampasii Awwaaroo iddoo amma **KAAMPAASII HAACAALUU HUNDEESSAA** jedhamuufi bakkan sirna eebba kitaaba '**ILAALCHA DHALOOTAA**' jedhuuf deemaa turen gahe.

Keessummoonni hunduu bakka qabataniiru, ol seenen teessoo duwwaa barbaaddadheeman taa'e. Silaa ergan mucittii taaksii keessatti argee jijjiko lafa hin argu, gurriikoo nama hin dhaga'u; akkuman taa'een gara waltajjii yoon ilaalu Baandiin Hora Amboo sangataa sha shanbaa godhee ho'isaa jira. Mucaan ani dura taaksii kessatti arges uffata aadaa Oromoo Gujiin fayyaamtee baandii fuula dura dhaabbattee,

"Baleho, balehoo karaan balehoo

Wayyaane addaan baanehoo

Afuuftu addaan banehoo

Ya gantuu addaan banehoo "jechoo sirbaa jirti! Ani ammoo teessumnikoo teessoorra waan jiru haa fakkaatuyyuu malee bakkuman jiru taa'ee qalbiikoo keessatti,

“Magaaleeko eenyuu maqaankee

Magaalleeko eenyu maqaankee

An rafeen eda abjuun si arge kotu kotu,” jedha.

Takka ammo kan Usmaayyoon Musaa,

“Ijoolleen Meettaa gamaa, ijoolleen Meettaa gamaa

Maali ijoolleen waan fuute hin galchine(2)

Sin dhiisu naan dhiisini, sin dhiisu nan dhiisini

Yoon si dhiise abbaankoo nan dhalchine(2)...” jedhu yaadachaan
keessakoottin gungumuun eegale.

Sagaleen ishemmoo bifasheen dacha sagal. Yaa Uumaa kaaniin kuma
badhaasee kaaniin ammoo tokko dhorkata! amanuun na rakkise ija
hahaxawachaa yoon ilaalu mucittiima duraan taaksii keessatti cinakoo
teessee turtedha!

Ufii akkam ta'u egaa? akka kaanaan duraa gaabbitti hafumoo deemee
dubbisu? maal abbaakoo ta'u? mal naaf maltu?

-3-

Sagantaan xumuruu dide, ani bahuuf muddame, intallis hin baatu. Keessikoo ammayyuu wal mormii gurguddaa lamarra jira; inni calqabaa dubbisi dhistee hin galiinidha; inni lammataa ammoo dhiisi bareeddun kun siif hin maltu jedha. Kuns, 'ILAALCHADHA!'

Sa'aatii harka kiyyaan ilaale, kudhaniifi walakkaa jedha. Bilbila harkakorras ilaallan akkanuma. Amanuun natti ulfaate hiriyyaakoo gafaanaan natti seeqe. Naan rifadhe! ergii sagantaaf gadi teenyee waan waggaa lakkofsifne natti fakkatullee miirakoo hiriyyaakoo sana dhookfachuufan obsee taa'e.

Akkuma sagantaa irraa baaneen kitaabakoo Qr. giphii keessa na jirtuun bitadhee deebi'e mana gale. Ta'ii narratti raawwate hundasaa kitaabicha keessattan arge. “Kun daawwitiimoo kitaabadhan?” jedhe. Mucittiis dubbisuuf ofin murteesse. Amma egaa Waqayyoomti natti haa fidu malee naannoo isheen jiraattus bareera magalaa Amboo ganda Hora Ayetuu jedhamee waamamu jiraatti. Miilana arginaan gadi hin lakkisu. 'ILAALCHA DHALOOTAA' kitaaba xinsammuu ani bittadhe sanatu ofkuttuu ilma Adam Saadoo na taasise!

-4-

Guyyaan isaa Kamisa, gabaa guddaatu magaalaa Amboo jira.
Maatinkoo gaaba deemaniiru. Namni manatti hafe tokkollee hin turre.
Ani bakkan galgala bulleyyuu boquu ol qabadhee laaqana hin nyaanne.
Achuma ciiseen...

Konkoneekoo barreduukoo
Gabaabdittii yaa kurkumee
Akkam ta'e sitti himadhu
Laphen kiyyaa na dhukubee
Gad cisnaan abjuun kankee
Jireenyako na guggubee

Sinboo kiyya yaa bareedduu
Dheertu kiyya yaa leemmanee
Si argachuf hunda dhabeen
Jiruun kiyya na jeeqamee

Ati silaa hundaaf seeqxa
Argaan oola ilkaan kaankee
Ati silaa hundaa beekta

Na guggube inaafricanke

Si mili'aadhun hurgufama

Akka calii jirbii fo'uu

Mirrooniiko si argachuuf

Gadoo kankef sumaaf boo'uu

Jechaa boo'een boraatikoo fi firaashiikotti hiimachaa osoon jiruu gidduutti balballi keenya darbatamee baname, uutalchaan yoon ka'u abbaakooti. "Hanga yoonaa raafaa? aniifi harmeenkee siin barsiisuf barii sinbira dura kaanee akka maraataa kaanna," jedhee natti dheekkame.

Al-tokko abbaa kiyyaan ilaale. Yaadni isaa sirriidha. Maalimmoon balleesseree anas jaalalatu na dirqe, 'garaan hiyyeessa hin qabdu' jedhu mitiree !

Abbaakoo achumatti dhiisee utaalee yoon bahu intalli qofaa ishee hanaqee alfaachaa daandii qal'oo karra keenya jala dabartu irratti natti dhufte. Maal abbaashee har'ahoo duran goradhe. Osoo afaankoo hin dubbatiin miirakootu dursee gaaffikoo dhiheesseef. Dafqi funyaan

irraan xab, xab na jechaa jira; intallis waa injifatamuu hin haftu akkuma na ilaltetti goggogdee hafte.

Suuta harkashen qabe natti siqxe; mudhiisheen qabadhe, harka ishee lamaan gatettiikorra keessee jununfatte. Ittaan siqe, funyaan keenya wal tuuqeera hidhiin keenya wal tuquuf sentimeetara kudhan hin caalletu hafa.

Osooma akkanaa wal sukkuumaa jirruu sagalee, "Dhaaphu!" jedhuun dhagahee; naasunaan mil'adhe namoota lamatu fuldura keenya dhaabbatee jira; naan nahe; garuu, ittan deeme. Amartiinkoo, "Wayyoo Kennaako," jechaa akkan jaratti hin deemneef na kadhatte; takkaa qofa darbadhee bira darbe, osoon faana tokko hin tarkanfatiin akkaa moyyee na gangalchanii, akka kubbaa miillaatti na dhidhiituu eegalan.

Bakkuma sana ciisee boquukoo suuta ol qabadhee yoon ilaalu dhiigni Ammartikoorra ammo akka Burqaa Gannaa mirgisee yaa'aa jira. Amanuun na rakkise; namni wal jaallate murtee akka kanaa fudhachuu qabaa? jedheen of gaafadhe.

Turtii daqiiqaa muraasaa qofaan awwaara sana keessatti of arge; xiqqo of baree yoon ilaalu Hospitaala waliigalaa Amboo jirra; nahee maal Uumako hin maraanne mitii garuu? jedheen of gaafadhe. “Ati hin maranne; warra maraatetu,” jettee calliste. Sagalenshee kiilolee tokko kan Amartiinkoo fakkaata, lapheekoo naaf qabdee natti jette. Mataashee shaashii gurraachaan hidhattee jirti ol jedhen ilaale Amartimakoodha; maal koodeko keyyeeta yakkaa meeqarratti wal jaallachuun murtee du'a

lubbuu nama addabsiisa jedhee barreefameera? jedheen gaafadhe.
"Lakkii Kennaako murtee kana guyyaan ,

Balehoo karaan balehoo

Wayyaane addaan baanehoo

Afuuftu addaan baanehoo

Yaa gantu addaan baanehoo jedhee sirben fudhadhe" naan jette.

Akkamitti Amboo lafa gootaa, ollaa Torban Kuttayee; Biyyaa Alamuu Qixxeessaa ,Obbollaa Jaagamaa Badhaanee; hiriyyoota Calchisaafi Haacaaluu Hundeensaa qixxa lamaan dhaabbattee sirbite malee Abbaayi gama dhabbattee hin sirbine yoon jedhu. Natti kolfitee, "Waan siif hin gallee jira koodeeko," jette. Garaankoo na tarsa'e; maal ? jedheen gaafadhe , "Elaamee," jettee caliste sekoondii isheen itti naaf fuftu eegaan jira, "Haacaaluun " jettee calliste, itti fuftee dubbachuu hin dandeenye. Ija ishee lamaan keessayyuu imimmaan akka aannan mucha goromsaa keessaa daddarbatamuutti keessaa daddarbatamaa jira.

Ani ammallee gurra qeensee dhageefachaan jira; ittuma fuuftee, **"Haacaalun addaggeen safuu hin beektu addarra dhaaban malee, "** jedhee kan geerare gooroo Abeebe Tufaa wirtuu Maccaafi Tuulamaa , hidda keenya ganamaa FINFINNEE qixxa lamaan dhabbatee geerare malee Gojjaam yookaan Maqalee dhaabbatee hin geerarre; garuu,

DHUNGOO

murtee du'a lubbuu guyyaa sana fudhate. Atimmoo, “Amboo dhaabbattee sirbite” jeette? ishee Haaceen, **"Yaa jabbilootakoo, jabbiloota Odaa jalaa kan nama nyaatu nu kessa jira,"** jedhes hin dagattiinkaa!" jettee imimmaan lakkuu harcaaste. Dhiisi jedheen maddii maddii ishee lamaan irraa imimmaan haxaa'uu eegale.

-6-

Osoo kanaan jirruu abbaan Amartii utalchaan kutaa yaalii arifachiisaa duruu cufaa hin qabne sana utaalee seene. Garaankoo iddoo lamatti hirame, wanti lubbuu qabu tokko mataakoo iddo hodhame keessa deeme. Obbolleessishee Harmeenshee osoo hin hafiin wal guuraanii dhufan. Jechoonni isaan ittiin na arrabsan hunduu kan hiyyuummaakoo qeequ qofaadha. Kanan sodaadhe hin hafne sagaleen isaanii kutaa ani keessa ciisee jiru sana goole. Sammuunkoo boqonnaa dhabnaan bakkuma sana ciiseen immimmankoo akka Rooba Gannaatti harcaasaa akkanan jedhe,

SIN YAKKINE

Gaafa gaafi na dhukkuba
Beekee waansaa hinhimadhu
Gaaf gaafi na gugguba
Yoon hafuura baafadhu

Osoon Daamaa hin takaaliin
Bulloo maafan leenjisee
Harmeenkos nan abaarre
Abbaankos na eebbise

Osoon sin argiin ooluuf
Mannikee silaa ollaa
Dhooksinee wal jaallana
Maatii keenyammoo hinsobna

Abbankee yoo na argu
Akka qeerransaa harqa
Harmeenkees na mil'chuuf
Ijakoo jibbu argaa

Dallaa keesaaniin demaan
Akka joobiraan marsa
Obboleesiikees silaa
Na argu na arbsa

Yoo gaangoo leenjisanii
Jilba maaliif sakaalu
Yoo arga na jibbanis
Jibba maalif fandaalu

DHUNGOO

Anoo sin jaaldhe malee
Waan biraa sin yakkine
Hidhikee xuxxoon addas
Kan biraakee hin argine !!

Tole Egaa...
Abbaankee yoo na argu
Ijji maaliif dhukkuba ?
Inaaffaa keenyaaf jecha
Harmeen dhabuun hirriba !

Obbolesikee anaan
Nyaapha maaliif godhate?
Halalarraa na argu
Daandii gatee baqate!
Orma maaltu dhiphise
Naaf sitoo wal jaallate !!

Kanuma qofaan yaadadha achii booda waanta raawate tokkollee hin yaadadhu, mana keenyattan of arge, garuu akka duriikoo osoon taa'ee taphadhuu of hin argine. Harkakoofi miillakoo lamaan irra cancalatu

jira; uffanni qaamarra nan jiru. “Wayyoo dhuguma amma nan maraadhee?” jedheen boo'a. Manuma abbaakoo keessattan cancalaan hidhame! maaliif na hiitu anoo hin maraanne? jedheen kadhaachuu eegale garuu nan dhagahan garaa natti jabaatan.

Erga guyyaa sanaa manaa hin ba'u Amartiikos mil'adhee hin beeku. Carraan ishee akkam ta'a laata? jechuun offan gaafadha. Maatiinkoo harka qal'eeyyiidha. Abbaankoo mooraa Yunversiitii Amboo keessaa biqiltuu bishaan obaasuun nu jiraachisa. Harmeenke ammo hodhaa hodhuun gurgurtee wan nyaatamu nuuf bitaa nu guddifti. Maatiinkoo hunduu ganamaan ka'anii bakka, bakka hojii isaanii deemaniiru obboloonnikoo: Dinaa'ol, Olaanaa, Kumaa, Mo'aa, hunduu bakkee hojii idilee isanii hojii guyyaa bakkee kophee qulqulleessaniifi ba'aa baatan deemaniiru; obbollettikoo ishee xiqqoo Leellisee qofaatu na eeguuf na biratti hafe. Sagalee laafifadheen, Leelloon jedhe; na jalaa calliste maraataa jalaa maaf qabu silas ! irra deddeebiseen Leelloo maaloo nan beela'e jedheen kadhachuun eegale, jechoota filee qindeessee ittiin injiifachuuf tarreessee toora galchee kadhachuukoo ittan fufe injifatamuu hin haftu, dhuftee fuldurakoo dhaabbattee, "Mal barbaadde ?" jettee na ifatte. Wayyoo maraatuun inuma ifatamti duruu way carraa ofii kanaa , " Nan beela'ee Lellooko" jedheen kadhadhe.

Garaa laafuu hin haftu , "Harmeen haa dhuftu hodhashee gurgurattee waan nyaatamu homtuu gundoorra hin jiru," nan jette.

Amma miira ishee jijjiiraa dhufusheetti gammadee ijashee keessa ilaalaa Leelloko atumti cancala harkakoorra kana naf hiiki malee anuu nyaata bareeddu ishee qopheessee waliin nyaannan, jedheen. Isheenis beela'uu hin haftu eessaa fiddee qopheesita osoo naan hin jedhiin, "Tole," jettee dhagaan cancala harkikoo ittiin hidhaamee ture naaf reebutti kaate. Cituu dide, itti ulfaate, ittuma cimtee naf kutte. Uffee nan boqodhe. Ammamoo ofiikoo kan miillikoo ittin hidhamee jiru, cancala dhagaan reebuuttan eegale, nan kutadhe; utaalchan karra ba 'een fiiguu eegale garagalee offirra ilaallaan Leelloon iyyaa, "Qabaa ! qabaa ! naaf qabaa uu uu uu.." jechaa na waliin fiigaa jirti. Karra Amartiikofaa dura yoon gahu namoonni lama uffata gaddaa uffatanii natti dhufan; lapheen na tarsa'e; nan nahe; na ilaala hidhii xuuxu. Biruma darbeen utalchaan Qe'ee Amartiifaa yoon seenu, Harmeen Amartii uffata gaddaa irrafi jalaan ufataaniiru. Mataa isanii shaashii gaddaan hagugatanii; mudhii jabeessanii hidhataniiru, "Wayyoo wayyoo kichuuko, wayyoo guddiseeko, wayyoo Amrtiikoo, " jechaa natti deeman, wan jechaa miti waan gochaatu na duraa bade. Namooni dukaana gaddaa keessa turan hunduu gadi yaa'anii akkuma kanniisa

DHUNGOO

adeemaan (goondaan) gaaguratti nam'eetti hursanii iyyuu eegalan.
Akka nama cabbiin qaama isaa irratti gadi naqameetti nan hadoodde,
akkuman afaan banettin hafe.

Haala kanaan xiqqo ergan dhaabadhee booda, ofirra gad taa'ee, kufee ka'ee, gangaladhee uffata offirratti ciraa, wayyoo Amartiiko jedhee boo'uun eegale.

Osoon boo'ee boo'icha koo hin xumuriin manguddoon tokko duubaan dhufanii mudhiikoo naaf qabanii, "Dhalako ofi hin miidhin ofiifuu jaatanii irra turte booqodhu boqonnaa sammuu si barbaachisa. Osoo boo'ichi kan du'e galchee Haacaaluu Huundeessa Boonsaatu gala; osoo jabaan du'a oolees Ebbisaa Addunyaa Jaallataafaa, Jeneraal Taddasaa Birruu , Huuseen Buunee Daraaraa, Agarii Tulluu, Injineer Tasfaahun Camadaa malaan himee fixa isaan kanatu gala ture ; osoo kichuun du'a oola ta'ees da'ima waggaa kudhanii Caalchisaa ani du'ee sabakoof bilisummaan ha dhufu jechuun lubbisaa tokkittii jijjirraa hin qabne dabarsee kennetu du'a hafa ture," nan jedhan. Ol jedhe takkaa qofa ija isaanii keessa ilaaleen callise.

Namoonni hunduu sagalee bo'ichaa gadi qabatanii Dunkaana Gadda sana keessa tatta'ani. Namoota addaan saaqadhee Harmee Amartii, Aadde Jaalannee cinan taa'e. Aadde Jaalannee, ammas ija keessa na ilaalaa immimman ijatti isaan dhufti.

Suutuma jedheen, Harme maal balaa akkamiin lubbuun Amartiikoo kan darbe? jedhee gaafadhen osoon deebiikoo hin dhaghiin ammoo ammas boo'uun eegale; isaanis na waliin boo'uutti eegalan. Ergiin gafadhee osoon afaankoo keessaa hin xumuriin, "**koo**," kan jettu kanan itti dabaleetti nan riffadhe. '**keessan**' maaf hin jenne? jedheen of ceepha'e. Aadde Jaataniinis homaa dubbikootti hiikkaa hin laanne, "Amartiinkee ilmako," jedhanii ammas imimmaan hahaxa'achuu eegalan; nammoonni hunduu ija garagalchanii na ilaalan; nan rifadhe. Maali, ani boosisuumoo jajjabeessun dhufe? jedheen ofitti gadde.

Ammas ittuma fufanii aadde Jaalanneen harmeen Amartii, "Amartiinkee mucaako yookaan jirti jenne waliin hin jiraanne, yookaan ammoo duute jennee hin awwallanne; guyya tokko guyyaa heeruma ishee boruun jiru osoo isheen suurakee ilaalaa boossuu abbaan ishee itti dhufee itti dheekkame jennan halkan sa'aa torbaan baatee dhabamte, abbaan ishee guyyaama kana ganama isaa osoo hamaamonni dhufee balbal dura dhaabbatuu, osoo ollaan nyaatee dhugee taphatuu, osoo nagaatti naan hin jedhiin gara kutaa ciisaa keenyatti ol darbee achumaan," jettee sagalee ol kaastee hiq hiq jettee erga boossee, "Boqote," jette. "Wayyo osoon ishees akkuma abbaa ishee kanatti

dhaabbadhee awwalladhe ta'ee garaankoo na boqota ture," jecha miira gaabbii keessa galan aadde Jaalanneen harmeen Amartii.

Ani garuu gaddakoorraa hamma xiqqo fooyya'eera. Amartiin duutee, awaalamteetti nan jechuu dhabuu isaaniif guddaan gammade; garuu, maal godha ammas du'aafi jireenya ishee waanan dhaga'adhe tokkollee hin qabu.

Amrtiikoof boo'ee imimmaan gaddaa baafadheera; amma garuu, garamitti deebi'u? yoon deebi'ee mana gale maatiinkoo har'as na hidhu, marataa waanan ta'eef hidhaan inni miilanaa ammoo kan duraa caala. Maaliif? akka hin jenne cancelan dura waggaa lamaaf ittiin hidhamee ture kuteerakaa amma magaalaa Amboo irraa baheen gara Bahaa Oromiyaan qajeele, bakkan deemu garuu hin beeku. Faagadheera, Godina Showaa Lixaa, Aanaa Dandii, magaalaa Gincii gaheera; deemu hin dandeenye nan dadhabe. Maaf hin dadhabu waggaa lamaa oliif harkikoofi miillikoo cancela meetii irraa hojetame caalaa jabaatuun hidhaatti ture. Aduufi qilleensa argachuun hafee midhaan iyyuu guyyaan itti argaadhus guyyaa qaba ture. Manguddoo wayiin na bulchaa jedhen kadhade, "Buli manni kan waaqi," nan jedhan. Uumiriin waaggaa saddeettamaafi isaa ol ni ta'u manguddoon kun. Achuma daandiirraa meetira tokko hiiqanii sharaa xiqqoo wayii dirirfatanii jiraatu.

Waan nyaatamu feestaala keessaa naf kennaan; otoon nyaaticha ijaan hin argiin foolii isaatu funyaan na rukute! yoon ijaan argus waantichi akkuma funyaankoo naaf ibsee turedha. Nyaachuuf miti ijaan ilaaluufuu waanta nama sodaachisudha. Gosni nyaataa keessa hin jirre tokkollee

hin jiru biddeena gogaa, daabboo, paastaafi waantoota hedduudha. waan dhugamus naf kennan; bishaan yookaan waan biraa jechuun nii ulfaata haalluun isaa farsoo masqalaaf nam'e fakkaata dhamdhamni isaa ammo maalan himaree coroqni iyyuu dhamdhama hin qabu dheebbodhee waanan tureef garuu nan dhuge. Kan nyaatamus nan nyaadhe. Anis rakkoo nan beeka garuu kan isaanii kun adda natti ta'e umurii isaanii waliin wal hin madaalu.

Ergan nyaadhee booda eessa akkan deemu na gaafatan, anis Amartii barbaacha akkan deemufi seenaakoofi seenaa Amartii tokkoo isaa osoo hin hanbisiin hundasaan ittin hime. Natti kolfani; naaf hin galle. Maanguddoon kun lafarra gangalatanii hamma mar'immaan isaan dhukkubuu gahutti kolfu. Bitaa natti gale, maal taatan jedhee gaafachuu baadhus afaankoo akkuman adda saaqeetti hafe. "Yaa dhaloota har'aa," qofa jedhanii manguddoon kun kolfaan sharaa isaanii kana goolu. Dhuma irratti,

"Ati maali maraataadhaa nama fayyaa qabu kan barbaaddu? ofiikeefuu..." jedhanii ergii callisanii, "Bineensi si nyaatee oole otuu ani dandiirraa si qabee hin dhufne ta'e," nan jedhan.

Nan nahe; akka gadduus ta'eera. Manguddoon kun mal jedhu? Amartidhaam akkamitti hin barbaadu? jedheen of gaafadhe. Halkan guutuu yaada manguddoo kanaa qaaceessaan bule; ganama osoo sinbirri hin ka'iin utaalee ka'ee nagaatti otuu hin jedhiin biraa deeme. Maliifin nagaatti jedhaaniree, Amartii naaf dhaanamte, Amrtii naaf ari'atamte; maaf barbaadda nan jedhaniim!

Deemsakoo ittuman fufe konkolaataa nama dhuunfa tokko argadhee kadhadhee isaaniif haa tolu na fudhatan. Amma konkolaataa kana keessa taa'ee yaadaa amartiikoon heerreega; foddaa konkolaataa kanaa irraan ammo dachee to'achaan deema. Magaalota Lixa Oromiyaa jiran maraa erga qaxxamurree Karra Gafarsaa kan gara lixa Oromiyaatti baasu geenye. Lagdi Gafarsa qarqara daandii konkolaataa kutaa miiccaa tole fakkaatee ciisaa. Waktiin isaas Bona waan ta'eef roobni roobee lolaan lola'ee laga kanatti dabalamuun halluu jijjirachiise hin jiru, akka kutaa miiccaa toleetti addaata. Gamattimmoo gammoowwan ol dheedheeroo hedduu kan gaaraa Kelemanjeroofi Everaasti fakkaatan hedduutu argama. Gamoo kana miidhaaginaafi Baay'inasaa tilmaamuun dura Qr. inni ittiin ijaarameefi abbaa qabeenyummasaa xiinxaluun eegale; gidduutti osoo ani hin beekiin gamoon akkana dhedheeratu kun egaa kan eenyuuti? jedheen dubbadhe. "Gamoon kun hedduun isaa

diqaalaadha,”naan jedhe namichi gaheessi fuldura konkolaataa, konkolachisaa cina taa’ee ture achi asi garagalee. Maal jechaadha? yoon jedhu “Gamoon kun hedduun isaa kan abbaa qaburra kan abbaan isaa hin beekamnetu hedduummata jechaakooti maal ati aannan adiidha hamma jedhanitti dubbiin siif hin galuu?” naan jedhe. Osoo afaan isaa keessa hin xumuriin u u u naaf dhaaba naan bu’a naaf dhaaban jedhe maal akkan ta’e beekuu baatanis konkolaataa battaluma sana dhaaban. Haandhuura Magaalaa Finfinneeti kana dura Finfinnee deemee waan hin beekneef bakkasaa hin beeku Amartii halaalarratti osoo isheen dhaabbattee taaksii eggattuun arge osoon ani konkolataa kana irraa bu’ee daandii qaxaamuree bira hin qaqabiin konkolaataan tokko duubaan narra ba’ee hamma ooletti cina daandiitti kufeen of arge. Osoon achii hin ka’iin taaksii keessa buutee qaariite! Maal gochuun danda’aree imimmaankoo hin qoorre sana xuruurfachaa gara konkolatakootti deebi’a jarri kun na sosobaa na xaphachiisa osoon ani Amartiikoo hin dagatiin Arsii Lixaa magaala Shashamanneen na gahan.

Amma akkan barbaadeetti oliif gadi fiigee Amartiikoo barbaaddachaa hojii humnaa hojjedhee jiraachuu eegalera. Amma kan na hidhu irraas faggaadheera iddoon deemu hundaatti garuu iyyaafannakoo adda hin kunne. Ganamaafi galgala shamarreen diimtuu qal’oo dheertuu yoo natti

dhuftu Amartiikoo ta'aa laata jedheen bakkuman jirutti lapheen bishaan na ta'a. Gubaankoo kan amma immoo dachaa natti ta'ee mataa irra ol na caale. Ufi way Amaartii anoo akkanan guggubadhaa atihoo laata? jechaan of gaafadha. Amartiinkoommoo dirqama itti ta'eetu malee ottoo lubbuun jiraattee bakkan jirutti barristee akka dhuftu shakkii hin qabu; garuu lubbuun jirtii laata? jechaama guggubaachaama yeroo hundaa sirba Nugusuu Taamiraat,

"Waanan godhe hin beeku

Garaanshee jabaatee

Miilla fageeffatte shaggeen kiyya...." jedhu

dhaggeeffachaa osoon midhaaniifi bishaan hin jedhiin ooleen bula.

Amartikoo waanan irraanfadhun natti fakkaatee mana bahee fagaadhus jaalalli ishe dachaan natti caale gubee na waadee, jiraafi jireenyakoo na wallaalchiseera.

Haati warraa namicha ani waardiyyummaaf mana isaatti qacaramee eegaa jiruu ijaan argaakoo jibbite; keessayyuu, anaafi abba warraa isheetii taa'ee haasa'aa jiru arginaan akka leencaa bookisti, akka hummoo aaddi, yeroo kana yaaddoon jireenyakoo kan Amartiikoon dabalatee dachaa natti ta'ee akka allaadduu na hurgufee imimmaan na keessaa roobsa. Sirba Dawwiitee Mokoonon, “Wayii anaa way carraakoo kanaa...” jedhu yaadadheen waliin imimmaankoon xuruurfadha. Takkaa ammoo kan Uurgeessaa Isheetuu,

“ Essa jirta yaa dammakoo

Eessa jirta yaa matabee

Boqonnaa hin qabu keessikoo

Halkanii guyyaa waadamee...” jedhu yaadaachaan akka alladduu horgufameen imimmaan na keessaa roobuu akka aannan sa’a arfaasaa mirgiisteetti na keessaa lafa nam’a.

Shibbiriun moora ani eegu fuula duraa mana gurgurtaa meeshaalee elektironiksii qaba. Yeroo hundaa yoo na argu na waamee sirba Abitoo Kabbadee kan Nuguusun haaromfame,

"Waanan godhe hin beeku garanshee jabaate

Miilla fageeffatte shaggeen kiyya..." jedhu naaf bana. Kan ani jaalladhuufi yeroo hundaa dhaggeeffachuu fedhu sana jechaadha. Anis sirba kana dhaggefadheen nan boo'a; inni ammoo natti kolfu.

Shibbiriun yeroo hundaa sirba Afaan Oromoo olkaasee banee waliin dhiichisa kanaaf jiraattonni magalaaa Shaashamannee ganda sanaa sirba Afaan Oromoo dhagahuu miti, jecha Afaan Oromoo tokkoosheeyyuu yoo dhagahan mataan isaan dhukkubu, mar'immaan isaan guggubatu Shibbiruu jedhaniin malee maqaan isaa inni sirriin , Lammeessaa ture. Lammeessaan, Wallaga Lixaa Aanaa Gullisoo, Ganda Qonnaan bulaatti dhalatee guddate.

Guyyaa tokko Lammeessaa waliin taa'ee akkaataa kamiinan Amartii koo argachuu akkan danda'u mar'anne, innis akkana nan jedhe, "Poosta barreessine gara Qophii Danbalii Jaalalaatti erguu qabna," nan jedhe. Yeroon kana dhagahu dhugaa natti hin fakkaanne Lammeessaan fiigee waraqaafi qubeessaa tokko naaf fide.

DHUNGOO

Ofirra gad taa'ee nan barreessa jedheen qubeessaa koon hurgufa, jechoonni natti baay'atanii anatu dursee katabama, ana ta'uu qaba jechuun sammu na dhiphisanii qubeesaakoos dadhabsiisu; takka ammoo walqabatanii na duraa baduun ija na bobaasisu! osooman akkanaa dafqi narra cituu osoo imimmankoo hin qooriin turtii sa'aa dheeraa booda waraqaa fuula tokko hin guunne barressee poostaa keessa gochuun gara Qophii Danbalii jaalalaatti ergine. Guyyaa sana irraa qabne aniifi Lammeessaan sa'aafi sekoondi itti qophiin Danbalii Jaalalaa kun itti eegalu dogoggorree hin dabarsinu.

Guyyaa tokko halkan gara mana fincaanii osoon deemaa jiruu haati warraa namicha ani mana isaa waaridiyaa ta'uun qacaramee eeguu duubaan fiigdee dhuftu. Fincaan waan na muddee tureef faana ariitiin gara mana fincaanichaa seeneen cufadhe.

Cufaa mana fincaanichaa natti rukutte, namni jira osooman jedhuu ammas diddee irra deddeebiin rurrukutte. Naheen balbala dhiibeen cufadhe; humna na caaltee dhiibdee bantee seenuun, “Kennaako,” nan jette nan rifadhe natti dhiyaatte, uffata jalbiiba (shaariyaa) uffattee waan turteef harkaan nan qabdu jedheen jaluman dhaabbadhe ammas irra deddebistee, “Kennako,” jechaa boo'aa mudhiikootti maramte, naasu keessan seene. Silaa eergan madaakoo irraanfachuuf magaalaa Amboo gadhiisee maqaakoo **Keennaa** irra gara **Dalasaatti** jijjiradheera akkan Keennaa jedhamu eenyu irraa dhageesse? jedheen of gaafadhe.

Ol hiixattee hidhiikoo waggaa lamaa oliif gorora Amartiikoo dhabee akka Biqiltuu rooba dhabee goggogetti, goggogee daalacha'ee ture hanga inni cituu gahutti harkiiste, dhungachuu eegalte; nan rifadhe. Keessiikoo, Amartii yaadatee onneenkoo Amartiikoofi ta'iwwan kuma mudannoowwan kitila ishee waliin dabarsine yaadattee ijakoo keessaa

immimmaan aannan mucha sa'a Arfaasaa kessaa daddarbatamu fakkaatu dadarbatamuutti eegale. Akka calii hurgufamaa akka allaadduun rom'e. Qaaminnikoo maraa dafqaan dhiqamee maasharoo abdi itti ho'ee ta'e.

Aadde Fatiyaan haati warraa namicha ani moraa isaa eeguu , haati warraa obbo Abdallaa akkuma happeetti natti qabtee hafte. isheen hareedakoo susukuumaa garuma hidhiikootti ol hiixatti.

Gidduutti obbo Abdallaan, "Dammeeko," jechuun maqaa jaalalaa isheef baasaniin sagalee ol kaasanii waamu eegalan, Aadde Fatiyaa gurri hin dhagahu miira ho'aa keessa jirti. Maqaama dhiirrummaakoof ofirraa harkisee balbala mana fincaanichaa irraa gadi baaseen keessaan cufadhe.

Ol seeneen gaaffiifi deebii keessan seene, yaaddoofi yaadni Ammartiikoo dachaan natti caale; egaa isheenis yoona tokko waliin jiraata jirtimoo akkam taate? jedheen ofumaan of gaafadha. Mana fincaanii keessa taa'een akka nama walga'ii ya'ii paarlaamaa taa'uutti yaada meeqa kaaseen ofuman mari'adha! takka ammoo manni fincaanichaa na hanqata oliif gadi, asiifi achi dedeebi'aa keenyan mana

DHUNGOO

sanaattan waa'ee Amartiikoo haasa'adha. Ammas karri sagalee guddaan
rurukutamnaan kofookoo ol bubbutachaama fiigitiin banuuf ka'een ba'e.

-11 -

Battaluman fiigee bahu Lammeessadha. “Daloo, Dalasaa na jalaa barfatte; har'a maal argatte manaa osoo hin bahiin turte? Qophiin Danbalii Jaalalaa eegaleera,” naan jedhee, harkakoo qabatee ariitiin deemnee sangantaa Danbalii Jaalalaa dhagefachuu eegalle.

Akkuma suuqii Lammeessaa geenyeen, raadiyoo isaa keessaa sagalee walaloo akkas jedhutu gurrakoo keessa bu'e,

“**Kenna**a jaalalleekoo

Amartii mormakoo

Siif dhiise onneekoo

Guutummaa qaamakoo

Sagaleeke dhabeen

Dhaabbiitti coolage

Osoon nyaadhe dhuguu

Dhabakeefan muge

Maalan si mufsifnaan

Na dhiistee qaaritee

Badiinkoo maloodha

Maal taanaan na miite?” jedhee hiriyyaakee Seenaa Jabeessaa, irraa magaalaa Naqamteetti kan argamu. Hiriyyaakoo Daraartuu Badhaasaa, yookaan Kennaakoof bakka isheen jirtutti jedhee xumure.

Ufii ! Onneenkoo akka gagaa baqxee turte, itittee wal walitti deebite; dhahanaan onneekoofi dhukkubbiin lapheekoo hunduu tasgabaa'e. Miironnikoo hunduu of to'atan ofirra yoon ilaalu Lammeessan miilla isa lamaan wal irra naqatee harka isaa tokkoon maddii qabatee na dawwaachaa jira. Edaa ani hamma ammaa taa'umsikoo lafa hin qaqqabne dhaabbadheeman jira. Battaluuman haalaafi akkattan jiru of argu, naheen ofirra gadi quphane.

Ammas akkuma Haaceen, “Hiriyyaan dharaa mataa si maraa, garaa si baraa, ofkadhu garaa,” jedhe, hiriyyaan dhugaa ammoo garaa siif yaala rakko siif fura mitiiree, Lammookoo waliin teenyee mari'achuu eegalle. Hiriyyaa dharaafi dhugaa adda baafachuu kan danda'u garuu suma mataakeeti. Malli kana adda baasuu danda'us hamma ammaatti, beektotaan waanti lafa taa'e tokkollee hin jiru.

DHUNGOO

Lammeessaakoo waliin ammas abdii kuttannee hin beeknu. Ammas gurri keenya waa'ee Amartiikoo dhagahuuf qilleensa arfan golee Oromiyaa irraa dhufuuf darbaa hin laattu, shokokii isaalle dhageeffatti.

Akkanumaan osoon dararamuu waggoota lakkoofsiseera. Jireenyi gola namaafi yaaddoon Amartiikoo waliin ta'anii nasoofanii muka caliitti na baasaniiru; dabalatan, haati warraa obbo Abdallaa manguddoon ani mana isaa jiraadhuu ati yookaan ani tokkoon keenya mana kana gadhiisnee bahuu qabna jechuun sababa hin beekamneen natti dhaadatti. Asteer hojjettuun mana obbo Abdallaarree yoo na agartu miilla isheettu wal xaxa, harki ishee hidhama. Waan keessuufi waan kaastu wallaalti. Akka huummoo natti aaddee akka leencaa natti bookkisti. Qaroon ishee yoo na argu akka qaroo qeertansaatti diimata. Wayyi carraa ofii kanaa ! Ani durattiyyuu dubartoota irraa carraa hin qabu; ani nan jaalladha isaan garuu nan jaallatan, Amartiinuu na dhiistee badde erga isheetii, jechaan yaadakoo waliinaan wal morma.

Obbo Abdallaan yeroo hedduu sa'aa boqqonnaa isaanii galgala yeroo hirbaata nyaatan ana waliin dabarsuu barbaadu. Seenaa Oromoo, kan Boraanaa, kan Baareentuu kan Maccaafi kan Tulamaa, kaasanii haasa'u. Keesumaa seenaa Lixa Oromiyaa irraa ka'uun gara wallaggaa kana fuulleesuufi magaala Amboo kan durii kaasanii kan amma ammoo ana irraa dhagahuuf na gaafatu.

Aadde Fatiyaan garuu gaafa anaafi abba warraa ishee waliin taa'ee taphatu argitu waan jechaa yoo dhabderree, '*Millaa na cininee, mataa na teessisa* ! jechuun sababa hin jirre kaafttee mana nagaa ture muddamaafi sagalee namatti hin tolleen goolti! Hasaa'aankoo fi haasa'an obbo Abdallaas battaluma kana adda cita.

Obbo Abdallaan jabana Mootummaa Wayyaanee yeroo humni Waraanaa, Adda Bilisa Baasaa Uummata Tigiraay (TPLF) Lixa Oromiyaa qubataa ture waraana mootummaa sanaa ta'uun Magaalaa Holootaa turan naannoo Magaalaa Ejeree iddoo jarri '*Addiis Alem*' jettee mogaasteefi naannoo Laga Awaash aanaa Ejeree akkanuma magaalaa Amboo kan maqaa fokkistuun '*Hager Hiwoot*' jedhanii waaman dhagaasaafi mukasaa hundaa waliin sirriitti beeku; kanaaf, wa'ee Amboo hasa'anii hin quufan. Garuu haasa'aan kun maaliif akka haadha warraa isaanii kanatti dhukkuubbii mataa ta'u anaafis ta'e obbo Abdallaafillee gaaffiidha.

Aadde Fatiyaan mana goollan, mana duubaan bahee yoon qajeelu Asteer qullaa ishee gor-duuba dhaabbattee nafa dhiqachaa jirti. Saamunaan fuula isheerra waan tureef junuffattee turte nan argitu. Aster fuulli ishee adiidha qaamni isheemmoo addeenyi isaa waawuu burtukaana qunca'e fakkaata. Nan nahe. Bakkan jirutti dhaabbadheen

maal gochuu akkan qabu turtii sekoondii shan hin caalle keessatti wantoota shantamatti hiiqanan of gaafadhe. Asteer duruu nan jaallattu amma immoo qaama ishee qullaa kana arguukoo yoo argite ammoo ittu na jibbiti; mala hin jirre maluun mana obbo Abdalaatii na ariisisuu dandeessi, jedheen gara duuba deeb'uu yaade. Qaamnikoo hundaa garuu dafqaan dhiqamee akka allaadduu na hoollatta guntuta Asteer akka gaanfaatti dhaabbattu, taa'a ishee gamaafi gamanaan sararamee wan harkaan totolchame fakkaatufi mudhii ishee qala'ttee keessa seentu qabaa tokko hin guunne, icciitii dhokotaa sana kan shamarri tokkollee nama jaallattutti malee eenyuttu hin agarsiifne gudeeda ishee gidduutti argamuufi tafa isheen arge. Naheen battaluman duubatti deebi'uf ka'een, **“Gowwaaf yoo dhangaa kenaanillee hamma afaan kaa'anitti taa'ee eega,”** jechi isheen jette dambalii sagaleerra imaltee gurra na buute !

-13-

Sagalee ishee kana eegan dhaga'ee ofirra garagaleen garashee qajeele, hundii qaamakoofi rifeensi isaa osoo hin hafiin roma'aa jira. Isheens kokkolfaa garakoo qajeelte. Ufii bareedina akka kanaa sanuu qaamashee guutuu qullaa argee eenyutu dhiisa? faanakoo ariitiin kaasee akkuman ishe cina gaheen sagalee aadde Fatiyaan,

“Asteer... Asteer... yee Asteer,” jeettee waamtu dhageenyaan cina darbeen gara karraatti darbeen taa'e.

Amartiinkoo silaa bakka kam akka jirtu hin beeku; yaaddoon jireenyashee na waadee na qaqqammataa jira. Ammammo qormaanni na mudataa jira, aadde Faatiyaan aabbaa warraa isaanii duratti ijaan argaakoo xireefatan, Mana Fincaanii keessatti hamma hidhiinkoo cituu gahutti hanga hafuurri na citutti gangalchani hidhiinkoo, Amartiin addatti nama hin beekne dhungatan sanaafuu osoon Uumaa dhiifama gaafachaa, cubbuu Amartiinkoo ishee jaalalakoof dararamtuu na dhiisi jechaa kadhadduu Asteer ammoo kunoo akka gingilchaatti qaamashee guutuu na jala qabdi wayi anaa ! akkam naaf wayya ?

Kan jaallatee beekutu gubaa jaalalaa namaaf beeka; sanuu, kan jaallatee milka'eefii waliin nyaatee dhugee, hammatee dhungatee, waanta

garaansaa yaade basee dubbatee, waliin oolee waliin bule, osoo hin taane kan akkakoo jaallatee jaalalli isaa akka jiru daldaalaa Ganna buuphaa daldalee, Bona ammoo dhadhaa daldaluu jalaa bitaacha'e; kan bakka jaalalleen isaa jirtu deemuuf akkakoo humni isa hir'ate jiruun isa hankaake; yookaan, bakka isheen jirtu yaadee dhabeetu naamaaf beeka.

Guyyaa tokko halkan keessaa sa'aa tokko ni ta'a karra jala taa'een boquukoo olqabeen urjii lakaa'a; ifa ji'a baa'aa jirtu keessaan ammoo fuula Amartiikoon daawadha! qilleensi buubbisu tokko ammoo kolfaafi sagalee Amartii bakka inni jiruu waraabee fidee gurratti na naqa; sammuunkoo boqonnaa dhabee jeeqamaa jira.

Aariinaan harkakoo lamaansaa giphii kootiikootti naqe, harka tokkoon waraqaa ciccitaan lafaa funaanee giphiitti baadhee deemun baafadhe, harka isa lammataan ammoo firii baala tamboon baafadhe, waraqaakoo baala tamboo itti naqee maree aarsuun eegale; Amartiifi mudannoowwan ishee hunduu aara tamboo sanaa keessaan tokko lamaan toora galanii hiriiranii dhabbatanii na haasofsiisu. Lammeessaan fiigaa sagalee ol qabee, “Daloo Dalasaa,” jechaa dhufe. Suuta bakkan taa'ee ka'ee karra duraa yoon saaqu, bilbila harkatti qabateera. Guyyaan isaa guyyaa itti qophiin Danbalii Jaalalaa raadiiyoon darbudha waan ta'eef, dhaggeeffadhu naan jedheetudha, ani bara meeqaan qophii kana

dhaggeefadha? yookaan Amartiikoo barbaadee hin argadhu, yookaan ammoo barbaadee ofi hin arganne, jedheen bakkan taa'aa turetti deebi'e taa'ee gaayyaakoo aarsuu itti fufe. Dalasaan bilbila isaa gurraakorra kaa'ee, “Hello jedhi Amartiidha,” naan jedhe.

“Hello Kennaako, lubbuuko akkam, nagaa naaf jirtaa? Ana Amartiikeeti biyya Iswiidinitii sif bilbilaan jira,” jettee osoo hin xumuriin bilbila darbadheen bakkan taa'ee turee ka'ee Dalasaattin marama. Daqiiqaa muraasa booda osoo Dalasaan bilbila isaa lafaa akka hurraatti funaanuun arge; bilbilli caccabeera ergaa fuudhuu hin danda'u.

-14-

Lammeessaan ariitiin torban tokko keessatti bilbila isaa hojjechiifatus, Amartiin irra deebiin bilbiluu hin dandeenye. Sarara isheen ittiin naaf bilbilte irratti Lammeessaa waliin bilbiluu yaallus sararrichi hin hojetu. Amartiinkoo maal taanaan gara biyya Iswiidin deemte laata? Akka maatiin ishee manguddoo *Diyaasporaa* waggaa kudha shanii ol biyya alaa turee dhufe tokkotti ishee heerumsiisuf qophaa'aa turan natti himtee ture isaa bira deemtemoo adaadaa isheetu ishee fudhate laata? Lakki adaadan ishee biyya Hoolaandi malee, Iswiidiin miti kan jiraattu kanaafuu Amartiin Jaarsa *Diyaaspoora* sanatti heerumuu hin haftu jechaan yaadakoofaanan wal morma.

Hojiinkoos natti bitaacha'eera yoo namni Karra ani eegu bani jedhu nan cufa, yoon akkan cufuuf na ajajan ammoo nan bana ! jireenyi hunduu bitaa natti galeera Amartiikoos dhabee barnootakos dhabe! waan lama dhabduun ta'e akkam abbaakoo ta'u? Ammas abdiin kutu Amartiin bakkuma jirtutti nagaa naaf haa taatu jechaan of jajjabeessa. Takka ammoo Amartiin akkamiin anaan rakkoo akkanaa keessatti na dhiistee heerumti jechaan komadha. Takkaa ammoo,

DHUNGOO

“Jaalala dhugaa midhooftuu

Kan waliin dabarsinee

Egaa akkamin ta'a yaa Caaltuu

Fageenya na dhoowwe” jechaa Amartiikoo ofkolcheen
fageenya komachaa mar'immanii guggubudheen rifeensa mataa of
irratti cira.

-15-

Turtii baatii tokkoo booda ammas Lammeessaan, “Bilbilli si barbaada,” naan jedhe. “Bilbilli si barbaadu kun kan eenyuuti? Maatiikeef ta’u duratti si jibbanii ofirraa si ari’an,” naan jette aadde Faatiyaan ! Asteeris irraan dabaltee, “Wayii isa fira qabuu bilbilaan barbaadamuutti eegaltee ! ” jettee sagalee wal jalaa fuudhanii natti kolfan. Callisseen dabaree dabareedhaan ija lamaan isaanii ergan ilaalee booda Lammeessaan, “Akka kanaan duraammoo bilbilakoo darbattee caccabsita ! Amartiidha,” jedhee bilbila isaa natti kenne bakkan taa’ee jiruu ol ka’ee mooraa obbo Abdallaa keessa asiifi achi, oliifi gadi deemen fuullikoo ifee, sagaleekoo ol kaasee gammadee kokkolfaa, Amartii nagaan gaafadhe. Fuullikoo gammachuun goolame; qaamakoo hundaatu ife; gammachuu akka kanaa guyyaa kana dura tasa dagadhee argee hin beeku.

Amartiinkoo ergii nagaa ho’aa na gaafattee booda kanaan booda jireenyi gola ormaa akka hafu gaddaafi gadadoon ani jalallasheef argees akkan irraanfadhuufi gara barnootakootti deebi’ee barachuu akkan danda’u waadaa naaf seente.

Ajaa’ibadha ! Dhugaa natti hin fakkaanne, gammachuunkoo daangaa darbe. Amartiin dhuguma biyya Iswiidin jiraataa jirtii ! keessikoo

amanuu hin daandeenye. “Maatiinkoo tujaara tokkotti na heerumsiisuf gaafa murteessan gara magaalaa Holotaatti badeen kaampaanii lammii biyya Hoolaandiin banamee daraaraa oomishu tokko kessatti qacamee osoon hojjechaa jiruu dubartiin lammii Hoolaandi taate tokkofi haadha qabeenyaa kaampaanichaa taate ***Kaariis***, jedhamtu waliin walitti dhiyyaachu eegalle seenaan isaa dheeraa yoo ta'eyyuu barnootakoo kutaa 12^{ffaa}tti addaan kutuukoo yoon isheef himu, gara biyyashee na fudhattee amma kunoo barnootakoo ogummaa seeraan xumuree biyya Iswiidinitti ammoo carraa barnoota bilisaan argadhee osoon baradhuu ogummaakoon hojjechaan jira,” nan jette.

Amanuuf nama rakkisa seenaa aja'ibsiisaadha. Amartiinkoo lubbuun jirtimoo sanuu “Haadha seeraa ta'een biyya Iswiidin jira !” dhugaamoo, sobadha? jedheen haasa'aa bilbila keenya sa'aa dheeraa booda yoon bilbila cufadhee bitaakoofi mirgakoo ilaalu Lammeessan gammachuun fiigee dhufee akka bofaatti mudhiitti na marama! Aadde Fatiyaafi Asteer garuu fuulli isaanii akka hurri Gaara Abba Seenaa marseetti gurraacha'anii hafan dubbichi akkamidha? naaf galuu hin dandeenye. Isiinifs galaa hin jiru ta'a! Fuulli aadde Faatiyaa daqiiqaa muraasa keessatti akka bosona Jibaattiti gubatee cilaatta'e!

-16-

Obbo Abdallaan battala seenaa kana dhagahan gammachuun isaanii kankoo caale. Manuma isaanii keessaa kutaa tokko naaf kennanii bajaata Amartiin naaf ergituun ammoo mana barnootakootti deebi'ee akkan barachuu danda'u waadaa naaf galan. Dhaagarrati dhaagan dhaga'e ! Dubbiin kun garuu aadde Faatiyaaf hin liqimfamne. "Mana isa kam kennitaaf ? isa kana Asteertu keessa bula. Isa sana ijoolleetu keessatti qayyaabata; inni sun sana; inni kun kana," jechuun sababa meeqa kaaste. Obbo Abdallaan garuu, "Mana Dalookoof ta'ummoo hin dhabu, osoo ani jiruu Daloon kireefatee hin jiraatu," jedhu. Haala kanaan gara barnootakoo deebi'uuf carraa argaadhe barnnootakoo kutaa 12ffaa Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaafi Qopha'inaa magalaa Shashamanneetti argamu Mana Barumsaa Lusii Sadarkaa 2^{ffaa} galeen barachuu eegale. Uuffannankoofi kopheenkaa amma kan namaa fakkaachuu eegaleera hawwiinkoo waggaa meeqaas naaf milkoomee akkuma barataa tokkootti uffatta danbii uffadhee, borsaas baadhee, miillikoo waggaa hedduuf kophee waliin ijaafi adaamii ta'ee tures kophee keessa seenee mana barnootaa deemee deebi'uuf milkoomera, galanni kan Waaqayyoofi Amartiikoof haa ta'u malee.

-17-

Akkanaan osoon barachaa jiruu guyyaa Sanbata duraa tokko Lammeessaa waliin magaalaa Shashamannee irraa baanee gara Shawaa Bahaa Magaalaa Baatuu ergii deemnee Haroo Danbal daawwannee galgala sa'aa tokko yoo ta'u gara mana deebine. Guyyaa kana Lammeessaa waliin yeroo gaarii dabarsine. Haroo qarqara teenyee jireenya keenya waggaa dheeraa dura erga wal barree kaasnee yaadannee haasa'aafi galateeffannaa Lammeessan mala ittin Amartii argachuu danda'uu naaf male itti milka'e hundaa yaadadhee Lammookoo galateeffadhee sa'aan tokko yoo guutu gara magaalaa Shashamannee deebinee galle. Akkuma bakka jireenya keenyaa geenyeen hirbaata waliin nyaachuuf yeroon gara dunkana'uutti waan deemeef akka nama wali hin argiin waggoota dheeraa lakkoofsiseetti wal hammannee addaa adda baane. Ammas wal irraa meetira tokkofi walakkaa osoo hin siiqiin galagalee yoon ilaalu Lammeessaan ofirra deebi'ee, “Daloo waan irraanfadhe,” jedhe itti deebi'ee ergii xiqqoo haasofnee adda bane, “[Guyyaa lammaaffa akka kanaa Rabbiin nu haa agarsiisu bashananni keenya inni itti aanu ammoo Amartii waliin ta'uu qaba,” nan jedhe Lammeessaan; kanuma qofaa natti dubbatee adda bane.

-18-

Guuyyaama kana galgala yoon galu dadhabeen balbala akkuman gadi deebiseen osoon keessan hin cufiinan gadi hirkadhe. Hirriba keessaan jira, natti hoo'e. Amartiinkoo na cina ciisaa jirti; ilkaan ishee akka cabbiitti addaata, riifnsi ishee ammo siree ani irra ciisee jiru guutee dafqi qaamakoorraa cobu *haansoolaa* akka biishaanitti dhiqeera. Qaamnikoo na hurgufame. Yoon itti siqu natti siiqxi harkaakoo bitaa kaasee yoon hammadhu harkashee mirgaan na hammatte walitti gognee siree keessatti hafne. Maddiikoo kana kaasee fuula isheerraan ga'eera ol jettee ijakoo keessa ilaalte. Ibsaan dhaamee ture; osooman kanaan jiruu utaa'ee ka'ee ibsaa yoon ibsu Asteer cinakoo ciistee jirti. Maqaa Rabbiin ! jedheen naasuu hammana hin jedhamne keessan seene qaamnikoo maraa bishaan ta'e. Maliif gara kutaa ani keessa ciisuu dhufte jedhee osoo hin gaafatiin, narraa bahi jechuun kadhachuun eegale isheens, "Hin bahu!" jette. Narraa bahi jedheen harkisuu eegale; na didde. Osoo akkanaa walitti rarraanuu harkakoo keessaa baatee siree irratti kufte; ani ammoo irraanan dabalame. Sagalee ol kaastee iyyite; ollaan maraa fiigee dhufe; kutaan ciisaakoo sun maraa dhigaan faalameera. Asteer siree irratti jorgaatee jirti; wandaboon ishee hanga

jilba ishee darbee sarbaa isheetti ol soqolameera. Namoonni iyya birmannaaf dhufan martuu ija hamaan na ilaalan; kan na abaara, kaan ammoo ijaan lafa irraa na kaasa. Aadde Fatiyaans ija obbo Abdallaa keessa ilaalaa, “Kunoo qaaraan harkaan dhaaban boonnishee nama gubdi jedhan ! jabaakee waan inni siif raawate kunookaa!” jette. Obbo Abdalaan baay’ee nahuu hin hafan, “Bismilla,” kan jettu qofa dubbatanii callisan. Lafan seenuun dhabe; waanin jedhus na duraa bade ija namoota na ilaalanii hundaa baachuun natti ulfaannaan boquukoo gadi qabadheen hafe.

DHUNGOO

Battaluma kana Poolisoonni Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee anaan gara Waajira Poolisii, Asteer ammoo gara Waajira Fayyaa fudhatan. Ganama guyyaa kanaa bar'ee osoo sa'aa lama hin guutiin Lammeessaan gara waajira poliisii ani hidhamee jiruu Poolisoota afuuriin marfamee dhufe. Lammoonkoo na obsuu hin danda'u na gaafachuuf dhufuu hin hafu jedheen gammade; garuu, miti Lammeessan galgala guyyaa sanaa Suuqiin obbo Abdalaa waan samameefi kan isaa ollaatti osoo hin saamamiin waan hafeef shakki yakka sammichaan gara wajiira poolosii akka dhufe natti hime. Eegaa waan gochaa hin jiru Lammookoo waliin ammoo kunoo jireenya mana sirreessaa dhadhamachuu eegalleerra.

-19-

Eerga guyyaa mana mana sirreessaa seennee irraa qabee bilbilli Lammeessaas qixuma keenya yakka hin dalagneef jecha to'annoo seeraa jala ooleera. Amartii waliins wal qunnamuun keenya addaan citeera. Yaa Uumaa Uumamaa inni tokko badii malee kan hidhaan gadadamu inni kan biraan ammoo midhee gammachuudhan kan goolamu, yaa Rabbi akkamitti osoo ilaaltuu kan callistu? jechaama jiraanna Lammookoo waliin.

Yaakki keenyas Mana Murtii Godina Arsii Lixaa bira qaqqabeera; aadde Fatiyaafi Asteer oggeessota waajira eegumsa fayyaa magalaa shashamanneef harka wayyaa jalaan waa hiixachuu hin hafan manni yaalaa sun raagaa ogummaa narsootaan deegarame kan Asteer gudeeddeetta jedhuu narratti raagesse! yaa Qarshii afaan ta'ee dubbatee; dhabni ammo, afaan qabee dubbii si dhorka. Ani garuu Asteer hin gudeedne osoon kutaa ciisaakoo keessaa baasuuf gadi harkisuu akka tasaa ciqileenkoo funyaan ishee rukutee dhiigse malee ! Kun shira ittiin aadde Fatiyaafi Asteer mana hidhaa na galchuuf shiranidha malee; milkaa'eefiras!

Lammeessanis Suuqii aadde Fatiyaa saamuu waan deeme hin qabu mala aadde Fatiyaafi Asteer ittiin hariirookoofi Amartii adda baasuuf malanidha malee. Yoon ani hidhame Lammeessaan hafe Amartiin karaasaa na argachuu dandeessi jedhaaniitu. Waan hundaafuu yakka guddeeddaa narratti banameef Abbaan Allangaafi Abbaan Seeraa qorannoo taasisanii murtee addabbii hidhaa waggaa kudha shanii fudheera, Abbaan Allangaafi Abbaan Seeraa yeroo sanaas keeyyaatta yakkaa ilaalanii murteessan jechuun natti ulfaata harka aadde Faatiyaa ilaalanii murteessuu hin hafan. Lammeessans yakka hin dalagneef addabbii hidhaa waggaa afuriin adabame.

Amma abdii kutachuun eegale, waggaa kudha shan guutuu mana adabaa keessa turee bahee akkamittin deebisee Amartiikoo argachuu danda'a? Isheens hanga waggaa hamma kanaa na eeguu dhiisuu danddeessi jedheen yaaddoonan giddirfamuutti eegale. Yeroo tokko tokko ammoo Amartiinkoommoo waadaa waliin qabnu akkamitti dabarsitee namaaf kennitti jedheenis Abdii ofitti hora. Haaluma kanaan waggaa hedduu jiraachuuf of amansiisuun eegale halkan tokko bar'ee guyyaan tokko dukkanaa'uun garuu baay'ee natti ulfaate. Sekoondiin tokko saa'atii tokkorra natti dheerate, guyyaan tokko ammoo waggaa

DHUNGOO

tokko natti ta'e, waggaan kudha shan ammoo maal naaf haa ta'u?
jaarrraa tokkofi wallakaa natti fakkaate!

-20-

Amartiin barbaachakoo adda hin kunne, barnoota ishee carraa tolaan biyya Iswiidinitti argatte (Iskoolaarshipii) ishee xumurtee gara biyyaa deebitee lakkoobsa manaafi teessuma Lammeessaa waliin poostaan ergineefiin gara Godina Arsii Lixaa magaalaa Shashamannee deemte. Battaluma Magaalaa Shashaamannee ganda Awashoo geessu, kallattiin gara mana obbo Abdallaa deemti. Maatiin obbo Abdallaa aadde Faatiyaafi hojjettuun manaa isaanii Asteer Amartii haala ho'aan keessummessanii waan nyaataafi dhugaatii hundaa ergii kenaniifii booda, Amartiin waa'eeshee hanga muraasaafi jaalalleeshee uumuriishee guutuu kan isaaf maatiirra adda baate, kan isaaf Oromiyaa gadhiistee baatee biyyaa ambaa jiraachaa turte anaan barbaacha akka dhufte yoo itti himtu fuulli aadde Faatiyaafi Asteer battaluma kana jijjiirame. Wal wal ilaalaa akka hoollachuu tokko ta'an; waan kaasaniifi waan fuudhan hunduu duraa babbade. Amartiin miira aadde Faatiyaafi Asteer hubachuun itti ulfaate.

Amartiin hoollachaa, “Maali balaa akkamiitu irra qaqqabnaan deememoo, wal dhabdanii deeme? tariimmoo balaatu irra qaqqabeemoo, lubbuun darbe?” jettee watwaachuu eegalte.

Aadde Faatiyaafi Asteer eennaa gaaffii Amartii, “Lubbuun darbee?” jedhu dhagahan ija keessa wal ilalaa mataa raasanii sagalee akka hoollachuu tokkoon, “Ee ee...eeyyeen,” jedhu yeroo tokkotti. Abdiifi karoorri Amartii waggaa dheeraa battaluma kana jalaa babbade. Waan keessuufi kaastu walaalte; bakka teessee jirtuu ol utaaltee, “Uu uu Kennaakoo maal gootanii ajjeestan? seeraanaan isin gaafachiisa ani haadha seeraati barnootakoo digirii lammaaffa seeraan biyya Iswiidiinitti xumureen dhufe,” yoo jettu aadde Faatiyaafi Asteer naasuun bakkuma taa'anii jiranitti hadoodanii ija keessa wal ilaalanii hafan.

Asteer, bakka teessee turtee ol utaaltee, “Lakki Kennaa namni ajjeese hin jiru, waan na gudeedeef adabamee jira. Mana sirreessaa Godina Arsii Lixaa magaalaa Shashamanneetti argamu keessaatti gatii hojii harkasaa argachaa jira,” jette. Aadde Faatiyaans irraan dabaltee, “Kennaa ! kkkk haadha Kennaa ! Kennaankee kunoo mucaa wallaalaa waa hin beekne hojjettuu mana keenyaa taate irratti yakka gudeddaa waan raawateef gara mana mana sirreessaa ergii galee waggaa lama dura waggaa kudha sadiitu isa hafa hangasitti ammoo jaaree (dulloomee) luuccaan mataasaa hundaa irraa luqa’ee siif ba’a. Obsi ! Rabbiin mucaa jallataa kanatti si qabe obsa isaa siif haa baay’isu. Suuraafi Vidiyyoo inni kanaan dura hojjettuu manakoo Ruqiyaa waliin raawataa ture hundaasa akkanuma xalayyaarree siif hin erginee maaltu akkana si raawata? garaa hin kutaatuufii ? Yoo kanaan alaa ammo ati nama guddaa taatee jirta biyya warra farnjiirras naana’aa turte mali isa malee dhiirri dachee kanarra hin jiruu? ee-banne ! maal taate mucaan?” jetti. Aadde Faatiyaan viidiyoo ofiishee mana fincaanii keessatti dirqiin na dhungattes amartiif erga eregitee turteetti; xalayyaa Amartiin naaf ergitu hundaafis na dhoksatee deebii faallaa kennaa turtte. Kayyoon aadde Faatiyaas Amartiin biyya Iswiidinii yeroo deebitu ilma isanii

Dookter Qananii Hoospitaala Waliigalaa Adaamaa hojetutti akka heerumtu maluudha ture. Amartiis laakkobsa bilbila manaafi lakkobsa manaa nuti Lammeessaa waliin ergineefin postaafi karaa garaagaraa wal quunnamaa turan kana maraa ani gurraa hin qabu hiyyeessi gurra maal qabdi silas!

Amartiin kanas dhageessee akka qaqawweessa Adoleessatti gungumaa akka murxuxeetti murxuxifamtee mana obbo Abdallaa keessaa ba'uun konkolataa ishee kaafattee deemte.

Aadde Fatiyaafi Asteer yoo Amartiin aariin utaaltee ba'uu ishee argan gammachuun isaanii daangaa darbe. maaf hin gammadanree Hojmaneen isaanii Dalasaa (Kennaa)fi Amartii adda baasuuf qabatanii ka'anis milka'eefkaa! Yaa jireenya yeeroo gabaabduu Addunyaa, dhiphoo fakkeesituu kanaa, kaan waraanees gammada kaan ammoo kaan boosissee gariin ammo nyachisee dhobaasee gammadda gariin ammo waanta hedduutu jira. "Hunda hin dubatan dugda hin dhugatan," jedhe Oromoon.

Jiruufi jireenya Amartii boqonnaa ishee dhorkate. Akkamitti haa boqottu Irbuu isheen qabattee biyyaa ambaa keessa naana'a turteetu jalaa irbaata bineensaa ta'e; Dalasaa (Kennaa) waggaa kudhanii ol eegde dhabde; jaalala akka aduu Gammoojjii Ogaadeen ho'u Dalasaa

waliin eegalte osoo guyyaa tokko hin dhadhamiin hafte. Osoo isheen Imaanaa Dalasaan isheetti kennate galaana qaxa murtee gattee hin dhufiin, ani ammo kunoo qee'ee taa'een imaanaa nyaattuun ta'e akkamiin haa tasgaboofturee?

Anaaf jecha maatiisheen adda baateetti abbaa ishee dhalchees sababa jaalalakoof jecha du'aan dhabde anaans hin arganne eegaa akkamiin haa tasgaabooftu maaltu boqonnaa isheef haa kennu?

-22-

Oduun kun maraa karaa Baay'isaa guyyaa guyyaan Mana Mana Sirreessaa keessatti na qaqqaba. Bayyi'isaan eegduu mana mana sirreessa aniifi Lammeessaan keessaatti murtoo badii keenyaan osoo hin taanee horii aadde Faatiyaafi gara jabummaa ogeyyii fayyaa sanaa akkanuma Asteeriin nutti murtaa'een adabamaa jirru kanaati.

Amartiin maal qaba osoo guyyaa tokko mana mana sirreessa kana kessatti dhuftee wal agarree adda baanee? Yaa hammattuu kunoo milka'eefii adda baaneera. Garuu ani ammas mana mana sirreessaa keessa taa'ees Amartiikoof nagaan hawwa waaqayyo uumaan nageenya qofaa haa keennuuf malee guyyan ani mana sirreessaa kanaa bahee ijaan ishee argu hin dhufa ta'uu danda'a jedhees abdiin qaba.

Garuu Amartiin akkamitti oduu namaatti amantee osoo dhuftee ija isheen nan argiin hanga har'aa obsitee teesse? erga gara Xoophiyaa dhuftee baatii sadii ol ta'uu isaa Baay'isaan natti himeera jechaan mar'immaanii guggubaadha. Ana silaa gubbannaaf malee qabbanaaf nan uumneen ammoo dhaddannookoo yeroo maraa ani nama dhoksee garaakoo kessaatti qabattookootti himadhudha.

Waan tokko gochuuf humnikoo naan baasu; bakka isheen jirtutti deemee dhiifama gaafachuuf to'anaa seeraa jalan jira, naaf hin

eeyyamamu “Yaa Waaqayyoo jaalala uumtee maaliif lubbuukoon taphata?” jechaan Uumaa uumaamaa komadha. Guyyaa tokko Komandeer Bay’isaan, mana sirreessaa keessaa gadi na waamsise; gammachuunkoo dangaa darbe ergan guyyaa hidhamee waggaa lamaa oli nii ta’a hamma kana kessaatti isa kaaniin abbaa, isa kaaniin ammo haadha, kaaniin obboleessa, kaniin ammoo obboleettiitu dhufee gaafata; kankoo abbaan, haati, obbooleessi, waan hundumaankoo Lammeessaa ture inni ammo ana waliin kunoo dhufee hidhaa jira eenyutu na gaafachuu dhufe kan jedhu Amartiikoo ta’uu amaneen gammachuunan fuullikoo ifee gadi ba’e. Komander Bayi’isaan fuulli isa miira gaddaa ufateera hidhaamuunkoo Komndeer Baay’isaas baay’ee isaa aarsa; garuu, akkan mana sirreessaa keessaa bade hin baaneef na eegaa jira ! maal godharee dirqama isaati; eegi jedhameeraskaa eeyyuun? warra maallaqaafi humna qaban kan akka aadde Faatiyaafi fakkaatoota isaaniin.

Akka anaan mana mana sirreessicha keesstti na eeguufis dirqama fudhateerakaa! Akkuman bira qaqqabeen, “Jabaadhuu egaa Dalooko!” nan jedhe Komaander Baay’isaan. Nan rifadhe; Amartiinkoo lubbuu of balleessitemoo kan jedhu miira naasuu hamaa keessan gale; ammas Komaander Baay’isaan itti fuufee, “Mucaan ati umuriikee guutuu ba’aa

jaalala isheetiin boquun si cabee mormii si bu'e rakkoo meeqa
muuxachaa jiraattu guyyaa har'aa gara biyya irraa dhuftee biyya
Iswiidinitti deeebi'unshee ragaa qabatamaan nu qaqqabeera," naan
jedhe. Wanti sagalee qaqawweessaa uffatte tokko dukkana hamaan
golgamee samii irraa darbamee sammuukoo gubbaatti walga'e.
Naasuunkoo dachaan dabale qilleensi ganama guyyaa sana buubbisu
sirba Abitewuu Kabbadee,
“Shurruubbeen hin qaaritee
Gaggeesseen biraa dhufaa
Garaakoo jabaadhukaa

Yaa hanqaaquu culullee
Bofti gaararraa sirbaa
Nagaattikaa shurrubeekoo
Ormis sumaaf na jibbaa

Mar'ataa jajjaaba raasee
Haa raasukaa amalasaatii
Hamataa gargar nu baasee
Haa taa'ukaa dhalasaafii

Shurrubbeen hin qaaritee

Gaggeesseen biraa dhufaa

Garaakoo jabaadhukaa”

jedhu fidee mana, mana sirreessaa keessaatti bakka radiyooofi meshaan muziqaa tokkolle hin jirretti sagalee guddaan na dhageesise. Jecha tokkollee dhabeen bakkuman dhabeedhe ture dhaapheen qilleensa xiqqoo ergan fudhee ofirra garagaleen gara kutaan keessatti hidhamee jiruun seene. Ammas ciiseen sirba Dawitee Mokoonon

“Yaa shufeera shufeer hadarakee

Jaalallee kiyyaa fuutee biyyaa hinba’iin” jedhu yaadachaa shufeera ani hin beekne kan Amartiikoo biyyaa baasuuf ka’e sana kadhachuun eegale.

-23-

Jireenyuma gadadoo akkanaa yeroon ani itti mana mana sirreessaa seene waggaa sadii guutuuf jira. Guyyaa tokko qorataan yakkaa mana sirreessaa kana keessaa gara kutaa qorannoo yakkaatti na waamsise. Maali yakka tokkoon yeroo laman adabamamoo ammammoo maalan balleesse silaa sa'aa digdamii afur mana hidhaa kana keessan oola silayyuu osoon hin hidhaminiyyuu jaalalli Amartii cancala jabaa meetii irraa hojjetame caalaa jabaatuun ergii na hidhee waggoottan kudhan lakkaa'uufan jedha jedheen ajaja guutuuf gara kutaa qorannoo yakkaa seene.

Gaaffiin qorataa yakkaa guyyaa sanaa inni duraa, “Maqaankee Dalasaadhaa?” kan jedhu ture. Eyyeen jedheen deebiseef. “Maqaan abbakee hoo?” naan jedhe. Eebbisaa, Dalasaa Eebbisaan jedhama jedheen deebiseef. Qorataan yakkaa kun ammas irra deebisee, “Maqaan kee eenyu?” naan jedhe. Dalasaa Eebbisaa jedheen. “Kennaa Eebisaa hin beektuu?” jedhee na gaafate. Nan beeka obbollessakoo isa xiqqaadha maal rakkootu jiramoo maal balleesse jedheen watwaachuu eegale. Poolisichi nyaara walitti gudunfee, “Tasgabaa'i ! waanti haaraan umame tokkollee hin jiru,” naan jedhee miira dheekamsaa tokkoon. Naasuunan akka gogorriitti riphee hafe. Ammas Poolisiin kun suuraa minjaala fuldura isaa irra ture kaasee yoo natti argisiisu, suuraan

kankooti ! garuu suraan waggaa afur dura ka'e waan ta'eef guddaa nan fakkaatu. Maqaa rabbiin! jedheen naasuun takkaa ergan dirree mala dhahuu keessa seenee burjaaja'ee booda akkannan jedhe, eeyyeen Keennaan isa kanadha obboleessa koo isaa xiqqaadha jedheen deebiiseef. Qorataan yakkaa kun homaa osoo hin dubbatiin Poolisoonni gara mana mana sirreessaatti akka na deebisan ajaje. Dhimmichi naaf galuu hin dandeenye kan hiyyeessaa ibida malee guba, soogidda malee midhaa'aa, ammammoo yakka maliin na shakkanii maqaa Kennaan na barbaaduu eegalan maqaa Dalasaa jedhuun dur kunoo na hidhanii jiru jechuun yaaddoo hamaa keessan seene.

Guyyaa itti aanu ammas Bay'isaan dhufee Amartiin akka Biyya Iswiidini deebitee dhuftee maqaa Keennaa jedhuufi suuraa qabattee barbaaddee dhabnaan gara Finfinnee deebite natti hime. Bay'isaan yeroo Amartiin Kenna barbaadaa turte akka Amartiin hiriyyaa biraa magalaa Shashamaneetii qabdutti yaadee callisse; maqaakoos Dalasaan malee Kennaan nan beeku anis maqaakoo **Kennaa** ture maatiikoo dhokachuuf jechan guyyaaman magalaa Shashamannee jiraachuu eegale **Dalasaa** jedhee of moggaase malee Kennaan ture, Kennaa Eebbisaa.

DHUNGOO

Bay'isaan kana waan quba hin qabneef Amartiitiin Kenna namni jedhamu mana sirreessaa kana keessa hin jiru jedhee deebise, anis caba kana biraa cabakoo kanarratti naaf dabaluufidha jedheen Kennaan obboleessakoo isa xiqqaadha jedhee ragaa suraan degarama haale malee akka Amartiinkoo na barbaacha dhufte turte maalan quba qaba. Ofirrattan daba hojjedhe beekkeen osoo hin taane osoon hin beekiin.

-24-

Bay'isaan irra deebiin Amartii naaf arguuf yaaliin inni hin taasifne tokkollee hin jiru; garuu, akka yaalii fonqolcha mootummaa kan warra Juuntaa sana hin milkaa'iiniif hafe malee. Gaabbiinkoo gaabbii taate hafte; waan jedhu tokkon dhabe, ijjikoo kan duraa caalaa qara ilaaluu eegalte. Wayyi jireenya jaalalaa jechaan ammo ofitti haasa'a qilleensiifi buubbeen hunduu waan wa'ee Amartii qofa natti asaasan fakkaatu. Yaa Waaqa jaalala uumtee jedheen mana mana sirreessaa keessa jilbeffadheen kadhada. Uumaan abbaan dhugaa, abbaan nagaa, abbaan haaqaa akkam godha laata dhugaakoo kana yakkakoo malee mana hidhaa keessattin addabama sana irra darbee jaalalleekoo galaana gama biyya ambaa turtee dhufterree dhabe. Gaafa isheen narraa fagoo jirtu abdii hin kutanne har'a garuu kunoo osooma isheen natti dhiyaattee jirtuun dhabe kuni hunduu shira aadde Fatiyaafi Asteer walii galanii annarti shiranidha Rabbi uumaan uumamaa isaanitti haa iraanfatu malee. Amartiins guyyaa gara biyyaatti deebite irraa qabdee barbaachakoo adda hin kunne; aadde Fatiyaafi Asteer garuu yakkan hojjedheen akkan addabbii irra jiru himanifis Amartiin ammoo mana hidhaa sana keessaatti na argachuu hin dandeenye. Komandeer Bay'isaans akka namni Kennaa Eebbisaa jedhamu hidhamee hin jire

himeefira kun ammo shakkii lubbuun jiraachuufi jiraachuu dhabukoo isa guddaa Amartiii keessa kaa'e.

Amartiin irra deddebiin Magaalaa Shashaamannee irraa gara Magalaa Finfinnee imaluun barbaachakoo adda hin kunne. Finfinnee irraa gara Shaashamanee imaltee Hoteela tokko keessatti mana ciisaa torban tokkoof kirefattee na barbaachuu eegalte. Konkolaataan ishees mooraama mana ciisaa kana keessa jira. Guyyaa tokko halkan keessaa sa'aa sadii ni guuta Magaalaan Shaashamannee iyyaafi wacaan guutee jira. Inni kaan ni boo'a; kaan ni iyyaa. Kaan ni baqata; kaan ammo ilaaluuf itti fiiga. Kun hunduu Amartiif galuu hin dandeenye. Amartiitti miira sodaa guddaatu itti dhaga'ame. Hatattamaan ol fiigdee kutaa cisichashee seentee cufatte. Daqiiqaa muraasa booda moraan Hooteela isheen kireeffattee jirtuu ifaan goolame. Ho'i kutaa ciisaa ishee dachaan dabale. Foddaa mana ciisaa sana yoo bantu aarriifi ho'i dachaan gara kutaa ciisaa ishee seenee ishee dhuukaamse, Ammas irra deebiin cufturree aarri dursee kuutaa ciisaa isheee seene bahuu hin dandeenye. Uummanni hedduun mooraa Hooteelichaa keessa oliifi gadi fiiganiibda dhaamsuuf iyyu. Konkolaataa Amartii dabalatee konkolaatawwan hedduun mooraa Hooteelichaa keessa jiran akka ibsaa masqaalaatti

boba'aa jiru. Hunduu hin iyyaa nii waca; reenfi namoota hedduus kutaa ciisaa tokkon tooko isaa keessaa gadi guuramaa jira.

Jireenyi Amartiis kanumaan rawwachuu hin hafu. Fayyadamtoonni Hoteelichaa dhibbeentaan guddaan mada'aaniiru, gariin ammoo lubbuu isaanii dhabaniiru reenfi kutaalee ciisaa kana keessaa ba'u hunduu abbiddaan guggubatee adda baasanii beekuun nama rakkisa. Namoonni madaa'anii gadi guuramanis dhiiga nafa isaanirra gadi dhangala'uuf jecha adda baasanii beekuun baa'ee ulfaata.

Oduun kun maraa gaaras baatee, tabbas buutee, dallaa mana mana sirreessaa hulqxee akkuma taatu taatee karaa Komaandeer Bay'isaafi maatii sireefamtoota tokko tokkon gurra na buuti. Silas maal abbaakoo guuchuun danda'a Amaartiikoo duute awwaallachuuf amman booda carraas argadha natti hin faakkaatu. Akkamiin awwaalladhuree hidhaattan jirasoo? Balaan tasaa kun magaalaa Shashamanneetti mudatee guyyaa sadii booda hidhaamtoonni dacha sirreefamtoota duran mana mana sirreessaa keessaa jiranii ta'an gara mana mana sirreessaa guraamuu eegalan. Bakki wal hanqate, manni sirreessaa Aanaafi Magaalaa Shashamannee hunduu gaafa guutu gariin ammo gara mana sirreessaa Godina Arsii Lixaa guuramuu eegalan. Baay'een isaanii qaama miidhamoodha; hidhaamtuun tokko karaanchii qabatee deemti miilli ishee mirgaa lafa hin gahu, kan bitaa ammoo guutummaa guututti hojii wan dhabe fakkaata, lafa irra harkifama, karnchii qabatee xiqqooma tokko sochooti. Poolisoonni hanga nama ja'aa ta'an ammoo ishee marsanii jiru. Dubartiin kun isaan hundaa giduutii xiqqooma muul'atti. Akkaataatti isheen bakkarraa bakkatti sochoo'uuf fayadamtu hunduu miira abdii kutannaa nama keessa kaa'a. Itti dhiyaadhee gargaaruuf anis to'annoo seeraa jalan jira. Fuulli ishee hunduu shaarbiin

haguugameera. Kuutaa dukkana’a kutaa nuti keessatti hidhaamnee jirru dudduuba jiru ergi seensisanii balbala duubaan itti cufaanii biraa deebi’an. Yaa Waaqa nama uumtee maaf akkana nama rakkiista jechaan osoon hin beekiin offittan dubbadhe. Lammeessan cinakootii, “Maal Daloo maltu ta’emmoo maaliif akkana jetta? silaa mana sirreessaa kanahoo mana taasiifanneerra waaggaa araffaa keenya mitii ergii yakkamtoota taanee garana dhuufnee?” naan jedhe.

Sirrii jette Lammooko garuu dubaartii akkanatti rakkattu arganii callisuu caalaa waantti namattii ulfaatu hin jiru jedhee yoon callisu, sagalee dubartii kanaa mana cufaa keessaa iyyituun dhaga’e. Garaankoo obsa dhabe, keessikoo na muddame. Yaa Waaqayyoo gara laafummaa akkanaa duroo hin qabu kan miilanaa maali jedheen gara keenyaan mana dubartiin kun keessatti hidhaamtee jirtuuttan garagalee dubbadhe. Sagaaleen ishee ni callisse. Ofitti gungumti, waansaa naaf galuu diinaan akkanaa jedhe, yaa abbaa dhugaa kan qaroon kee tokkoo kana maal jetta laata? jedheen dubbadhe. Dubartiin kuns kutaa hidhamtee jirtu keessaa sagalee ol qabdee, “Yaa namicha gowwaa nanaa, sii kan qaroon tokkoo,” naan jette. Ammas lakki obboleetti nunniimmoo qaroon keenya meeqa, kan Uumaan umaamaa nuuf kenne qaroo lama qofa

ta’us akkataatti nuti ittiin ilaallu garuu dhibba lama, kumaa lama, isaa olidhan jedhe.

Ammas sagaleen dubartii kanaa callisaan ergii turee, “Yaa obboleessako ati nama hubaataa wayii natti fakkaatta garuu,” jettee calliste. Garuun maali jedheen gaafadhe. “Garuu akkamiin gara bakka kanaa dhufteetta?” jettee na gaafatte. Akkatama ati itti dhuftettan garana dhufe jedheen deebiisef. Takkaa sagaalee olkaastee ergii natti kolfitee, “Yaa obbolleessako kan mana sirreessaa kana keessa jiru huduu sababa garaa garaafi akkaataa garaa garaatti garana kan dhufne ta’uu mala malee dhalli namaa gosa garaa garaati, bakka garaa garaas oola waan inni yaaduufi dalagus akkanuma addaa adda akkamiin yakka wal fakkataan adabama?” naan jette. Miira aarii tokkotu natti dhagahame, sagalee guddaa tokkoon akka dheekkamuu ta’een yaa dubartii nana ati haadha seeraamoo yakkamtuudha? jedheen gaafadhe. Ammas sagalee olkaastee natti kolfite. Yaa obbolleettiiko kolfa jaalatta natti fakkaata jedhee yoon ofirra ilaalu Poolisiin duubakootiin dhuufee, “Gara bakkakeetti deebi’i !” nan jedhe naasuunaan ofirra garagalee kutaan keessatti hidhaamee jiruu senee ofirra gadi taa’ee boo’ichakoo itti fufe.

-26-

Hammanuma ergii guyyaa kanaa shamarree kana waliin walitti
haasa'uuf carraa hin arganne.

Baatii tokko booda manuma sirreessa kana keessaatti mana natti
cufamee jiru keessa taa'ee sagaleekoo ol kaaseen,

Yoommun ciisu hirriba dhabeen

Yaadakeetiin guguguma

Soraas dhisee maraadheera

Lapheen kiyya na dhukkuba

Jooraan oola yaada kootiin

Ijaakeetii dawaachuudhaf

Hin danda'u yoon si arges

Jaalalakee himachuudhaaf

Hedduus deemee si mil'achuuf

Yoommuun dhabu sagaleeke

Naan riffadhe jalalleeekoo

Lubbuun jirtaa eessa geesse

Gaafa gaafi achiin jecha
Natti himu faana keetii
Ani garuu homaa dhabe
Faana dhiisi waa'eeketii

Ani hinhafu dhugaa sirraa
Sifan dhufa bakka jirtu
Eessa laata, teessoon kankee
Naaf dubbadhu maaf hinhimtu?" jedha.

Takkaa ammoo sirba Eeebbisaa Addunyaa ,
“An barbaade, an barbaadeen si dhabe
Garm jirta Faatee kiyyaa
An barbaade, an barbaadeen si dhabe
Garam jirta Sheenaa kiyya,” jechaaman akka maraatan ta’a. Osooman
kanaan jiruu gidduutti itti gaafataman waajjira mana mana sirreessaa ani
keessaattii sireefamaa jiruu yakkikooo nama biraan banamee himanaan
akka eegalamee jirufi mirgi ol iyyaannoo akka naaf keenname
xallayyaan na qaqqabsiise. Komaander Baa’isaatu xalayaa isaa fidee
natti kenne.

Gammachuun tole jedhee gara waajjirichaa yoon deemu Amartiinkoo har'a shaashiii fuula ishee irraa fuuteeti; karaanchii garuu akkuuma qabatetti jirti. Nan rifadhe; akka gamaachuus natti fakkaata imimmaan ija keessaa na daddarbatamu finca'aa lagaa caale. Amartiin bakka teessee jirtuu kaatee natti maramte itti gaafatamaan waajira mana sirreessaa Godina Arsii Lixaafi poolisoonni isa waliin turan hunduu dhaabbatanii nu ilaalaa jiru, Amaartiin imimmaan ishee uffata narratti balleesseerrra fuullikoo isheen ijollummaakoo beektu sun hundiyyuu rakkiina mana namaafi mana hidhaarraan kan ka'e guuttummaa guutuutti jijjiramteetti. Yaa jirreenya mana namaafi mana mana sirreessaa akkam akka ulfaatuu kan argeetu namaaf beeka! Amartiin biyya Iswiidinitti barnoota seeraa barattee dhuftee dhimma du'aatii Artiisti Haacaaluu Hundeessaa waliin wal qabachuun Waxabajjii 22 bra 2012 galgala keessaa sa'a sadiifi wallakkaa (3:30) yakka qabeenya mancaasuufi Hooteela isheen torban tokkoof kireefattee keessa turte gubuutiin shakkamtee hidhamtee ture waasii qarshii kuma kudhan kafaaluun baatee jirti. Amma dhimmakoos kan ishees faayeela haaraa gootee bantee gara himmannaa aadde Fatiyaafi Asteeriti dabarteetti.

-27-

Dhimmichi ulfaataa ta’us Amartiitti garuu ogummaa isheetti fayyadamuun Asteeriifi aadde Faatiya akkanuma ogeeyyii fayyaa mana yaalaa magaalichaa ogummaa isaanii qixa sirrii hin taaneen fayyadamuun ragaa sobaa nurratti bahanii anaafi Lammeessaa yakka tokko malee waggaa afurii oliif mana mana sirreessa kessatti nu dararaa turan gatii hojii harka isaanii kennufiif yeroo dheeraa itti hin fudhanne. Aadde Fatiyaafi Asteer gara mana mana sirressaa yoo darbataman aniifi Amartiin ammoo jaalala keenya ijoollummaa akka daraaratti urgooftu kan wagga dheeraaf wal dhara’aa wal dheeboochaa, wal yaadaa wal barbaadaa osoo hin jaallatiin firaafi halagaan gargar facaane sana dhaarraa ba’uun keenya geese. Komaandeer Baay’isaan bilbila isaa irraa sagalee ol kaasee sirba Fayyisaa Furii,

“Badii kiyya meeqa irra naaf tarteetti

Kijiba namoota jalatti dhiisteeti

Anaan na filatte jaalalaf jetteeti

Anaan na filatte jaalalaaf jetteeti...” jedhu naaf baneera. Lammeessaafi Obboo Abdallaan gammachuun daangaa darbuu hin hafan, obbo Abdallaan amaama isaanii lafarra harkisaa koofiyyaa isaanii darbsatanii harka isaanii walitti dhahaa callisanii seeqatu.

Gammachuunkoo duras obbo Abdallaa yoom gubee beeka? gubee hin beeku. Lammeessaan afaanuma bane hafe; ani ammoo akka maraachaafi hoollachuu tokkootti oluma utaaleen,

Duunuu adda nun baasuu !

Dacheef, dhakaa dhoqqeessaa
Ofumaan of dhamaasu
Anaaf, Kuulanii kiyyaa
Duunu adda nun baasu

Maatinshee na jibbaanii
Afaan nu jala odeessu
Ani ammas du'a ta'us
Isheet nama hinqixeessu

Olmaasheet salphaa miti
Kumadha, kumaatama
Yeroon wa'eeshee yaadu
Garaakoo na raafama.

Dandessuukoo wa maraa
Ishee takka hindallanne
Ati hiyyeessa jettee
Qabeenyaan nan madaalle

Beelaf, dheebuu dandeenyee
Imaanaa gudunfannee
Firarraa adda baanee
Rakkoo hamaa muuxannee

Ollaaf, mandara maraan
Ijaan argaaf nuffamnee
Anaf Kulleenkoo takkaa
Hamataaf gurraa hinlaanne

Otuu imimmaan harcaastuu
Kiyya qoorsuuf hiixatti
Dhiphinashee dagattee
Anaf jettee miidhamti.

Sinboo qabeettii kiyyaa
Umaankoo na badhaase
Olmaa ishen naaf ooltetu
Qabee lafaa na kaase

Galaana riqaa hinqabne
Ce'uuf gaafan miixadhu
Abjuu hiikuf hiintolle
Qaphee isan dhiphadhu

Dhiphinakoo dhiphattee
Isheetu naf ibsaa ta'e
Rakkinakoo gurguddaaf
Olmaasheet riqaa ta'e
Kululeekof, Rabbiitu
Addanarraan na ga'e!

Gaaficha wal jaallanne
Gaafan kafooyyu hinbeekne
Kittaa hidhee jiraadhu
Gaafan godoyyu hinqabne

Daandii gubbaa jiraadhu
Akkamiin Kuulleekoorraa
Addaan bahee jiraadhu?

Qaroonkoo dagatteeyyuu
Takkaa orma hinmil'attu
Monalizaa taatuyyu
Kuullee naf hinqixxaattu

Bara beelaaf, dhiphinaa
Gidiraa lakkofsifnee
Matumaa addan hinbaanuu
Addanaan wal gessiifnee

Isheen naaf dungoo kiyyaa
Animmoo boba'asaa
Odeessaan oduu bee
Ofumaatii asaasa
Anaaf, Kuulanii kiyyaa
Duu'ati adda nu baasa! jechuun walalookoo kanaan dhukkuba waggaa
hedduu dhukkubsadheen of baafadhe.

Amartiinkoo natti fiigdee natti maramuuf yoo kaatu, karaanchiin ishee harkaa lafa buu'uuf jedha; harkakoo lamaan diriirseen jala qabe wal hammannee wallitti goggognee hafne. Sirbi cidhaa,

“Loosha misiroon lamaan looshaa

Cidha gaa'ilaa loosha

Baga geessanii looshaa...” jedhu banameera. Poollissoonniifi sirrefamtoonni mana mana sirreessaa Godina Arsii Lixaa hunduu gammachuun harka wallitti dhahaa sirbaa jiru. Cidha keenya haala gammaachuufi ho'aan bakkuma sana mooraa mana mana sirreessaa Godina Arsii Lixaa keessatti gaggeeffanne. Amman kana bultoo ijjarannee jira. Dhumni aadde Faatiyaafi Asteer ogeeyyii fayyaa sana dabalatee mana, mana sirreessaa taate. Boolla ormaaf qotanitti awaalamuun kanuma!

©Walqixxee Indaalee Guuttataa

Eebila 2013

Xumureera !